Qajeelfama Lafa Magaalota Naannoo Oromiyaa Liiziin Bulchuuf Bahe
Lakk.09/2005 Fooyyessuuf Bahe Lakk 1/2007

Lafti magaalaa kanaan booda sirna liizii qofaan akka bulu Labsii Fedaraalaa lakk. 721/2004 fi Dambii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk.155/2005tiin kan murtaa'ee waan ta'eef ;

Bu'ura Dambichaa keewwata 6tiin magaalonni Naannoo Oromiyaa gutummaan hanga sirna liizii keessa galanitti haala lafti magaalota sirna liizii keessa hingalle ittiin bulu addatti kaayuun iftoomina uummuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Aangoo seerota liizii hojii irra oolchuu, hordofuu fi too'achuu Ejensiif kenname bu'ureffachuun seerota liizii hojii irra oolchuu keessatti dhimmoota raawwii irratti rakkoo uumaa turan furuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa labsii lakk. 179/2005 keewwata 17 (2) tiin qajeelfamni kanatti aanu bahee jira.

Kutaa Tokko
Waliigala

1. Mata Duree Gabaabaa
Qajeelfamni kun " Qajeelfama Lafa Magaalaa Naannoo Oromiyaa Liizii bulchuuf Bahe lakk.09/2005 Fooyyessuuf Bahe Lakk 1/2007" jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. Hiika
Akkaataan jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta'e malee; qajeelfama kana keessatti;

1. "Biiroo" jechuun Biiroo Industirii fi Misooma Magaalaa Oromiyaati.

2. “Caalbaasii” jechuun, bu’uura ulaagaa qophaa’een sirna lafti magaala dorgommii liiziitiin, akkasumas, magaalota sirna liizii keessa hin gallee keessatti sirna laftii caalbaasii kiraa waggaatiin ittin darbu jechuu dha.

3. “Caalbaasii addaa” jechuun, dorgomaan caalbaasii tokkos dhiyaatu, gosa caalbaasii pirojaktoota labsicha keewwata 11 keewwata xiqqaa 7 jalatti tarreeffamaniif haala lafti caalbaasiin liiziitiin, akkasumas magaalota sirna liiziitti hin galle keessatti caalbaasii kiraatiin ittin kennamu jechuu dha.
4. “Daangaa bulchiinsa magaalaa”jechuun, mallattoo fi/yookiin bifa uumamaa kan akka lagaa, gaaraa, dereeraa fi kan kana fakkataan, lafa daangaa bulchiinsa magaalaa tokkoo keessatti argamu daangessitoota isaa irraa adda baasee agarsiisuu jechuudha.
5. “Dambii” jechuun, Dambii Lafa Magaalaa Naannoo Oromiyaa liiziin bulchuuf bahe lakk. 155/2005 jechuu dha.
6. “Ejensii” jechuun, Ejensii Misoomaa fi Maneejimentii Lafa Magaalaa Oromiyaa yookan akka sadarkaa isaatti caasaalee isaa sadarkaa sadarkaan jiran kan dabalatuudha.
7. “Faayidaa addaa biyyoolessaa” jechuun, proojektoota misoomaa guddinaa fi tiraansfoormeeshinii biyyaatiif gumaachuu danda’an, yookiin sochii atooma misoomaa biyyoota adda addaa waliin qabnu fooyyessuu fi walitti dhufeenya fooyya’aa biyyi keenya biyyoota biroo waliin qabduuf bu’uura ta’anu jechuudha.
8. “Gamisa horsiisee bulaa’’ jechuun, nama lafa baadiyyaa seeraan qabatee, jireenyi isaa hojii qonnaa fi horsiisuu irratti kan hundaa’e jechuudha.
9. Gatii caalbaasii tooraa /naannoo” jechuun, bu’uura pilaanii magaalaatiin bilookii lafa tajaajila tokkoof ramadame keessatti yookiiin bilookii daangaa toora sanaan walfakkaatuu keessatti

sadarkaa fi tajaajila lafa walfakkaatuuf mo'attoota waliigaltee mallatteessan keessaa gatii ol'aanaa caalbaasiif kenname dha.

10. "Gatii mirgi liizii ittiin darbu" jechuun, lafa liizii ijaarsi irratti hin gaggeeffamin yookiin ijaarsi walakkaa fi walakkaa gadi irra qubate mirga itti fayyadama liizii lafaa akkaataa seeraatiin dabarsuuf qaama aangoo qabuun gatii ol'aana naannoo lafti caalbaasiif dhiyaate itti argamu bu'ureeffachuun kan murtaa'u jechuu dha .
11. "Horsiisee bulaa" jechuun, nama lafa baadiyaa dheedinsa margaaf qabatee beellada kan horsiisu, jireenyi isaa fi maatiisaa irra caalaan beelladaa fi bu'aa beelladaa irratti kan hundaa'ee jechuu dha.
12. "Ijaarsa" jechuun, bu'uura eeyyama itti fayyadama lafaa kennameetiin ijaarsa yeroo yookaan dhaabbataa faayidaa mana jireenyaa, waajjira, warshaa, yookiin faayidaa adda addaatiif oolu jechuudha.
13. "Ijaarsa bu'uuraa xumuruu" jechuun, bu'uura ijaarsa guddicha akkataa pilaaniitiin floorii fi armaataadhaan guutamee kan xumuramee fi keenyaan floorii jalqabaa ijaaramuu kan jalqabe jechuu dha.
14. "Ijaarsa jalqabuu" jechuun, lafa hojii ijaarsaaf eeyyamame irratti yoo xiqqaate hojii bu'uuraa fi kolanii/utubaa hojjachuuf kan dandeessisu sibiila kolanii dhaabanii xumuruu jechuu dha.
15. "Ijaarsa yookaan qabiyyee seeraan alaa" jechuun, qabiyyee lafa seeraan hinqabamin yookaan seeraan qabame irratti ijaarsa osoo Ejensiin eeyyama itti fayyadama lafaa hinkennin ijaarame jechuudha.
16. "Ijaarsa walakkaa xumuruu" jechuun,
    a. Viillaa yoo ta'e, bu'uura baasuu, hojii kolonii fi baaxiif barbaachisu xumuruu;
    b. Gamoo yoo ta'e, hojii bu'uuraa fi hojii solleettaa darbi hunda dhibbeentaa shantama (%50) kan ta'u raawwachuu yookiin;

c. Riil-isteetii bilookiin ijaaramu yoo ta’e, akkaataa barbaachisummaa isaatti bilookiiwwan hunda irratti haala keewwata kana keewwata xiqqaa “a” yookiin “b” jalatti ibsameen ijaarsa raawwachuu jechuu dha.

17. “Ijaarsa xumuruu” jechuun, lafa liiziin kenname irratti haala heeyyama ijaarsaa kennameen ijaarsa ijaaranii xumuruu fi tajaajiloonni adda addaa guutamanuuf itti fayyadamaaf kan qophaa’e jechuu dha.
18. “Industrii” jechuun, industiriiwwaan manifaakchariingiin ala jiran hunda kan haammatuudha.
19. “Industirii Maanifaakcharingii”, jechuun, damee Induustrii galtee oomisha isaa fiizikaalaan yookaan keemikaalaan jijjiiree oomisha haaraa argamsiisu ta’ee, adeemsi oomishichi itti gaggeeffamu harkaan yookaan maashina ni dabalata.
20. “Istaandaardii” jechuun, istaandardii lafa projektii investimentii fi tajaajila adda addaatiif oolu murteessuuf bahe jechuudha.
21. “Jijjiirraa Tajaajilaa” jehuun, pirojektii invastimantii heyyama argate ta’ee gutummaa guutuutii yookaan gartokkeen ulaagaa barbaachisu guutee fudhatama argachuun gosa pirojektii invastimantii biraatti jijjiirame jechuu dha.
22. “Ka’umsa gatii liizii” jechuun, gatii ka’umsa liizii lafaa baasii bu’uuraalee misoomaa gurguddoo diriirsuuf, qabeenya laficha irra jiru kaasuuf, beenyaa namoota laficha irraa ka’aniif kaffalamuu fi baasiiwwan biroo tilmaama keessa kan galche jechuudha.
23. “Koree caalbaasii raawwachiisuu” jechuun, hojjattoota mootummaa seera hojjattoota mootummaa dhaabbataan qacaraman irraa kan hundaa’uu fi ogeessota ogummaa barbaadamu qaban kan of-keessa qabu caalbaasii liizii lafaa akka raawwachiisuu fi haala akka mijeessu garee hundeeffamu jechuu dha.

24. “Labsii” jechuun, Labsii Mootummaa Federaalaa lafa magaalaa haala liiziin itti qabamu murteessuuf bahe Lakk. 721/ 2004 jechuu dha.
25. “Lafa amantaa” jechuun, lafa dhaabbilee amantaa beekamtii qabanii fi bu’uura amantiin ajajuun lafa sirna amantii itti adeemsifamuu jechuu dha.
26. “Lafa faayidaa ummataaf ramadame” jechuun, ummatni kallattiin yookiin al-kallattiin mirga itti fayyadamummaa lafa irraa qabu mirkaneessuu fi misooma hawaas-diinagdee itti fufiinsa qabu akka argatu taasisuuf qaamni dhimmi ilaallatu pilaanii magaalaa bu’uura godhachuudhaan lafa faayidaa ummataaf murteessu jechuudha.
27. “Lafa industirii maanifaakchariingii” jechuun, akkaataa itti fayyadama pilaaniitiin lafa tajaajila industirii daangeffame, yookiin qophaa’e yookiin kenname jechuu dha.
28. “Lafa yeroo gabaabaaf liiziidhaan heyyamamu” jechuun, waggaa shanii fi sanii gadii omishaaf, kuusaaf, gurgurtaaf, dhiyeessa tajaajilaatiif yookiin tajaajiloota birootiif akka oolu lafa magaalaa waliigalteedhaan kenname dha.
29. “Lafa magaalaa” jechuun lafa daangaa bulchiinsa magaalaa keessatti argamu jechuu dha.
30. “Liizii” jechuun sirna waliigaltee daangaa yeroon murtaa’eetiin mirgi itti fayyadama lafa magaalaa ittiin darbu yookiin gosa sirna qabiyyee lafa magaalaa itti qabamu jechuu dha.
31. “Magaala” “ jechuun ummata 2000 fi isaa ol keessa kan jiraatu ta’ee; jiraataa magaalaa keessaa dhibbentaa shantamaa (%50) fi isaa ol kan ta’u, jireenyi isaa qonnaan ala kan ta’e jechuu dha.
32. “Mana” jechuun, mana haala seeraa qabeessa ta’een tajaajila kamiifiyyuu ijaarame yookiin mana ijaramaa jiru jechuu dha.
33. “Mana Maree” jechuun, Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaati.

34. ”Naannoo”jechuun Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuu dha.

35. “Pilaanii magaalaa” jechuun, pilaanii caasawaa yookiin pilaanii misooma qeyee yookiin pilaanii bu’uuraa magaalaa, yookiin pilaanii giddu gala guddina baadiyyaa qaama aangoo qabuun mirknaa’e ta’ee; ibsa barreeffamaa pilaanii ilaallatu ni dabalata.

36. “Qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabne” jechuun, qabiyyee karaa seera qabeessa ta’een qabame yookiin qabiyyee beekamtiin keennameef ta’ee, qaama dhimmi ilaalu irraa ragaa abbaa qabiyyummaa kan hin qabne jechuu dha.

37. “Qabiyyee durii” jechuun, lafti magaalaa sirna liiziitiin buluu eegaluun dura, haala seera qabeessa ta’een qabame yookiin qabiyyee sirna liizii ala akka itti fufu seeraan beekamtiin keennameef yookiin liiziin hojii irra erga oolee booda namoota qabiyyee lafa durii irraa ka’aniif lafa bakka buufamee keenname jechuudha.

38. “Qabiyyee seeraan alaa” jechuun qabiyyee lafa magaalaa qaama dhimmi ilaaluun osoo hin eeyyamamin qabame jechuu dha.

39. “Qabiyyee walitti makuu” jechuun, qabiyyyeewwan sirna bulchiinsa lafaa garaagaraa yookiin walfakkaatu qaban waraqaa ragaa abbaa qabiyyee seera qabeessa qaban lamaa fi sanaa ol waldaangeessan waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa tokkoo akka ta’u gochuu jechuudha.

40. “Qonnaan bulaa” jechuun, nama mirga itti fayyadama lafa baadiyaa seeraan qabaatee, galii lafichaarraa argamuun ofiisaa fi maatiisaa kan bulchuu jechuu dha.

41. “Ramaddii” jechuun, caalbaasiin ala magaalota liiziin bulan keessatti liiziidhaan; magaalota liiziin hinbulle keessatti immoo kiraadhaan sirna lafti murteedhaan itti kennamuu jechuudha.

42. “Riil-isteetii” jechuun, pirojektii misooma mana jireenyaa tajaajila kiraatiif, yookiin gurgurtaaf oolu ta’ee, tajaajila hawaasummaa kan haammatu jechuudha.
43. “Riil-isteetii guddaa” jechuun, pirojektii misooma mana jireenyaa tajaajila kiraatiif, yookiin gurgurtaaf oolu ta’ee, yoo xiqqaate mannneen 1,000 kan qabatu jechuudha.
44. “Tajaajila yookaan maanifaakchariingii fooyya’aa” jechuun, induustirii tajaajilaa yookaan maanifaakcharingii duraan ture irra kaapitaala fi humna namaa caalaa akkasumas teeknoolojii ammayyaa’aa kan fayyadamu jechuudha.
45. “Waldaalee gamtaa ijaarsa mana jireenyaa of-gargaasaa”jechuun, tuuta namoota dhuunfaa ta’ee maallaqa, beekumsaa fi humna isaanii gurmeessuun mana jireenyaa dhuunfaa isaanii waliin ta’uun ijaarrachuuf waldaan guurmaa’anii beekamtiin seera qabeessummaa kan kennameef jechuu dha.
46. “Yeroo haara galfannaa” jechuun, namni lafti liiziin eeyyamameef yookiin namni qabiyyeen seeraa ala seera qabeessa taasifameef, kaffaltii duraa erga kaffalee booda, gatii liizii waliigalaa keessaa kaffaltii waggaa waggaan kaffalamu jalqabuun dura kaffaltii osoo hinjalqabin turu akka danda’u yeroo kennamuuf jechuudha.
47. “Zoonii gatii” jechuun, gatii ka’umsa liizii, sadarkaa fi gosa tajaajila lafa magaalaa irratti hundaa’ee, zoonii gatii liizii lafaa kaartaan daangeffamee qophaa’u jechuu dha.
48. “Nama” jechuun, nama uumamaa yookiin dhaabbata seeraan qaamni seerummaa kennameef jechuu dha.

3. Daangaa Raawwatinsa Qajeelfamichaa

1. Qajeelfamni kun lafa magaalaa magaalota naannoo Oromiyaa keessatti argamu hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.
2. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 irratti tumame akkuma jirutti ta’ee,

a. Lafa magaalaa yeroo dambiin bahe nama kamiinuu hin qabamne;

b. Lafa magaalaa sirna liiziitiin qabamee turee fi kanaan boodas caalbaasiinis ta’ee ramaddiidhaan qabiyyee qabamu;

c. Lafa magaalaa sagantaa deebisanii misoomsuu magaalaatiin misoomuuf;

d. Qabiyyee durii liiziin akka qabamu gaafatame heeyyamame;

e. Qabiyyee durii dhaalaa yookaan qooddannaa abbaa manaa fi haadha warraatin ala lafa qaama sadaffaatti darbu;

f. Lafti qabiyyee durii fi kan liiziin qabame yeroo walitti makamu;

g. Ijaarsa seeraan alaa seera qabeessa akka ta’u murtaa’e;

h. Qajeelfama kana keessatti dhimmoota magaalota sirna liizii keessa hingalle keessatti akka raawwatamanu tarreeffanii;

i. Qabiyyee durii kan biroo; fi

j. Qabiyyee durii akkataa dambiichaa keewwata 6’tiin akka liiziin bulu murtaa’e irratti raawwatiinsa ni qabaata.

Kutaa Lama
Lafa Magaalaa Liiziin Bulchuu

4. Haala Lafti magaalaa Ittiin kennamu

1. Caalbaasii liizii; fi

2. Ramaddii liizii;

3. Magaalota sirna liizii keessa hingalle keessatti liiziin ala caalbaasii fi ramaddiidhaan kiraatiin kan kennamu ta’a.

5. Magaalonni sirna liizii keessa hingalle bu’uura dambichaa keewwata 6(1)tiin waggoota sadan dhufanu keessatti guutummaan gara liiziitti ni galuu.

6. Sirna liiziitiin ala lafa magaalaa qabachuu fi heyyamuun dhorkamuu isaa

1. Namni kamiyyuu labsii fi dambii liiziitin akkasumas qajeelfama kanaan kan tumameen ala lafa magaalaa qabachuun yookiin babal’isee daangessuu fi fayyadamuu hin danda’u.

2. Qaamni kamiyyu labsii fi dambii liiziitin akkasumas qajeelfama kanaan kan tumameen ala lafa magaalaa heeyyamuu yookiin dabarsuu hin danda’u.

Kutaa Sadii
Lafa Magaalaa Caalbaasii Liiziin Dabarsuu

7. Gosoota Caalbaasii

Caalbaasiin gosa projektii hojjatamuuf barbaadamuu irratti hundaa’ee caalbaasii idilee yookaan caalbaasii addaa ta’uu ni danda’a. Gosoonni caalbaasiin lamaan walfaana yookiin kopha kophaatti bahuu ni danda’u.

8. Haala Raawwii Caalbaasii

1. Caalbaasiin idilee sagantaa idileetiin kan bahuu fi lafa tokkoof marsaa duraa fi lammaffaatiin yoo xiqqaatee dorgomtoonni sadii yoo dhiyaatan malee kan haqamu ta’a.

2. Caalbaasii marsaa sadaffaaf bahe irratti dorgomtoonni dhiyaatan lamaa fi sanaa ol yoo ta’an caalbaasichi kan gaggeeffamu ta’a.

3. Akkataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin, caalbaasii addaatiin kan hammataman immoo akkaataa keewwata 11 keewwata xiqqaa 7 fi 8 labsichaatiin tajaajiloota adda bahaniif adeemsa caalbaasiitiin kan keessummaa'anii fi marsaa duraatiin dorgomaan tokko illee yoo dhiyaate akka keessummaa'an ni taasifama.

9. Tumaalee Waliigalaa Raawwatiinsa Caalbaasii

1. Caalbaasiin lafa magaalaa kan raawwatamu haal-dureewwan dorgomtoonni caalbaasii guuttachuu qaban Ejensiin yoo mirkanaa'ee dha.
2. Ejensiin odeeffannoo fi bu'aa caalbaasii ummataaf ifa gochuuf qaba.
3. Ejensiin adeemsi fi odeeffannoon caalbaasichaa saffisaa fi dhaqqabamaa akka ta'u gochuuf barruulee, gaazexaa, teeknoloojii fi weeb-saayitoota fayyadamuu ni danda'a.
4. Ejensiin ragaalee caalbaasichaa tokko tokkoonii fi sanadoota caalbaasichaan walqabatan offeeggannoon qabachuu fi eegumsa gochuuf itti gaafatamummaa qaba.

10. Qophii Lafa Caalbaasii Liiziif Dhiyaatuu

Lafti magaalaa caalbaasiidhaaf qophaa'u akkaataa dambicha keewwata 12 jalatti tumameen ta'ee;

1. Lafa tarreeffama pilaanii misooma naannoo qophaa'e keessatti argamu
2. Bu'uuraaleen misoomaa kan guutamaniif
3. Lafa falmii fi gaaffii abbummaa irraa guutumaan guutuutti bilisa ta'an
4. Lafa qoqqoodamee pilaanii qophaa'eef, dhakaan daangaa kan kaa'amee fi koodiin addaa lakkoofsaan keennameef;

5. Lafa saayit pilaaniin qophaa’eef ta’uu qaba.

11. Odeeffannoo Lafa Caalbaasii Dhiyaatu Uummataaf Ifa Gochuu

1. Galma misoomaa fi humna dhiyeessa lafa magaalichaa irraa ka’uudhaan hanga lafaa waggaa waggaan caalbaasiif dhiyaatuu fi akaakuwwan misoomaa caalbaasichi irratti xiyyeeffatu adda baasuu fi tarreeffama sagantaa caalbaasichii ittiin bahu qopheessuun, jalqaba waggaa bajataa kurmaana tokkoffaa keessatti karoorri uummataaf ifa taasifamuu qaba.

2. Kan keewwata kana keewwta xiqqaa 1 jalatti tumame akkuma eegametti ta’ee, Ejensiin sanada karoorichaa qophaa’u hanga lafaa waggaa waggaan caalbaasiif bahuu fi akaakuwwan misoomaa caalbaasichi irratti xiyyeeffatu

   a. Mana jireenyaaf

   b. Daldalaaf

   c. Industiriif

   d. Tajaajila hawaasummaatiif /barnoota, fayyaaf, aadaaf, ispoortii fi tajaajila walfakkaatan birootiif

   e. Kan birootiifis jechuun itti fayyadama lafaa tokko tokkoon adda baasuun karoora kurmaana tokkoffaa keessatti sabqunnamtii uummataa mijataa ta’een uummataaf ifa gochuu qaba.

3. Ejensiin bu’uuruma caalbaasicha baasuuf karoora isaa uumataaf ifa godheen dirqama raawwachuu fi ittigaafatamummaa ni qabaata.

12. Qabiyyee Beeksisa fi Waamicha Caalbaasii

1. Ejensiin waamicha beeksisa caalbaasii taasisuuf akka barbaachisummaa isaatti afaan Oromootiin, afaan Amaaraatiini fi caalbaasii addaa yoo ta’e immoo Ingiliffaas dabalatee gaazeexaa naannootiin, yookiin bulchiinsa magaalaatiin; raadiyoo naannootiin, televizjinii Oromiyaatiin ni beeksifama. Magaalaan humna baasii isaa madaaluudhaan weeb-saayitii naannootiin yookiin bulchiinsa magaalichaatiin caalbaasii baasuu ni danda’ama.
2. Turtiin yeroo guyyaa waamichaa caalbaasii duraa irraa hanga caalbaasichi cufamutti jiru yoo xiqqaate guyyootii hojii kudhan ta’ee guyyaa kurnaffaa hanga sa’aatii 9tti ta’a.
3. Beeksiifni caalbaasii bu’uuraan qabxilee kanatti aanaan ni hammata
    a. Maqaa guutuu fi teessoo qaama waamicha godhee;
    b. Bakka, haala fi yeroo sanadnii caalbaasii itti argamu fi gatii itti gurguramuu ittiin gurguramu;
    c. Ulaagaalee fi sirna adeemsi dorgomtootaa ittiin madaaluun danda’amu;
    d. Hirmaannaan caalbaasii dorgomaa kamiifiyyuu banaa ta’uu fi ta’uu dhiisuu isaa
    e. Dorgomaan lafa caalbaasichaaf qophaa’e qaamaan yookiin pilaaniidhaan ilaaluu danda’uu fi danda’uu dhisuu isaa, warra iddicha ilaaluuf barbaadan sagantaa fi bakka lafichi itti argamu;
    f. Dorgomtoonni caalbaasii wabii kabachiisa caalbaasiif qabsiisan ajaja sanada kaffaltii baankii yookiin haala CPO ittiin dhiyeessanii fi hanga isaa;
    g. Dorgomtoonni yeroo sanada caalbaasii itti dhiyeessuu qaban, bakka, yeroo baniinsaa fi cufiinsa caalbaasii;

h. Mo’ataan caalbaasii erga adda bahee booda qarshiin wabii kabachiisa caalbaasiif qabamee deebii’uu fi deeb’uu dhabuu isaa fi yeroo isaa;
i. Ejensiin caalbaasicha guutumaan guututti yookiin walakkaan haquuf mirgi isaa kan eegame ta’uu fi ta’uu dhabuu isaa;
j. Dhimmoota barbaachisoo fi walitti dhufeenya qaban kan biroos ni dabalata.

13. Hubachiisa Sanada Caalbaasii Irratti Dorgomtootaaf Ifa Ta’uu Qabu

1. Tooftaalee fi ulaagaalee caalbaasii madaaluu fi gamaaggamuuf hojiirra oolan;
2. Ragaa humna misoomsuu mo’attoota caalbaasii mirkaneessu baankiin irra dhiyeessuu akka qaban;
3. Maqaa guutuu fi teessoon dorgomtoota caalbaasii sanada qophaa’ee fuula hunda irratti kan guutamuu ta’u akka qabu;
4. Sanada dorgomtoonni dhiyeessan fuula hunda irratti maqaa guutuu, mallattoo, teessoo jireenya isaanii fi lakkoofsa bilbilaa ittin argamuu danda’aan barreeffamuu akka qabu;
5. Caalbaasichi erga banamee booda yaada dorgomtoonni dhiyeessan irratti jijjirama yookiin foyya’insa gochuu akkasumas, caalbaasicha keessaa of baasuu akka hin danda’amne;
6. Dorgomtoonni dogoggorsiisuu fi yakkoota malaammaltummaa kan biroo hojjachuu akka hin qabnee fi seeroota akka biyyaatti tumaman akka kabajuu qabanii fi seericha cabsanii yoo argaman kan gaafataman ta’uu isaanii;
7. Gatiin caalbaasii dorgomtoonni caalbaasiif dhiyeessan lakkoofsaa fi jechaan barreeffamuu akka qaban; ta’us garaagarummaan barreeffamoota lakkoofsaa fi jecha gidduu yoo jiraatee jechaan kan barreeffameetu kan fudhatamu ta’’;

8. Dorgomtoonni dhiyeessa gatii caalbaasii guutanii erga sanduuqa caalbaasiitti galchanii booda, sanada haquudhaan sanada caalbaasii biraa bakka buusuun galchuu kan hin danda'amne ta'uu;
9. Dorgomaan caalbaasii tokko lafa tokko irratti sanada caalbaasii tokkoo ol bituu akka hin dandeenye taa'uu qaba.

14. Uunka Yaadi Caalbaasii fi Gabateen Gatiin Agarsiisu Itti Dhiyaatuu

1. Uunki yaadaa fi gatiin caalbaasii ittiin dhiyaatu dorgomtoota caalbaasiitiif sanadoota caalbaasii wajjin gurguuramuu qaba.
2. Uunki yaadaa fi gatiin caalbaasii, akkasumas wabiin kabachiisa caalbaasii guutamee saanduqa caalbaasii keessa galuu qaba.
3. Lafa caalbaasiif dhiyaataniif, dorgomtoonni gatii ittiin dorgomanii fi dirqamoota biroo seenuu qaban guutanii kan dhiyeessan uunka caalbaasii ittiin dhiyeessuuf qophaa'een qofa ta'a.

15. Wabii Kabachiisa Caalbaasii

1. Wabiin kabachiisa caalbaasii kan qabsiifamuu fi raawwatamu akkataa Dambicha keewwata 17 keewwata xiqqaa 1-6 fi keewwata 20(6) tiin ta'a.
2. Wabiin kabachiisa caalbaasii dorgomtoota moo'atamanii akkuma moo'ataan caalbaasichaa beekameen kan deebi'u ta'a.

16. Fooya'insa Sanada Caalbaasii Irratti Taasifamu

Qabiyyee sanadoota caalibaasii irratti foyya'iinsi yookiin jijjiiramni kamiyyuu yoo taasifame, akkataa Dambicha keewwata 16(2)tiin dorgomtoonni sanada caalbaasii fooyya'e dabalataan akka fudhatan ni godhama.

17. Yeroo Dhiyeessa Sanada Caalbaasii fi Saanduqa Caalbaasii Saamsuu

1. Dorgomaan guyyaa beeksiifni caalbaasii liizii ibsame irraa eegalee guyyoota hojii 10 keessatti sanada caalbaasii guutee dhiyeessuu qaba;
2. Gurgurtaan sanada caalbaasii kan xumuramu fi saamsamu akkataa Dambicha keewwata 16(7 fi 8) jalatti tumameen ta'a.
3. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti tumame akkuma eegametti ta'e, yeroon dhiyeessa sanada caalbaasii sababoota kanatti aananiin ittigaafatamaan qaama dhimmi ilaaluu yoo itti amaname dheeressuu ni danda'a.
    a. Haalli humnaa ol ta'e waajjira yoo qunname;
    b. Baay'inni lafa caalbaasii idileetiin caalbaasiif dhiyaate sadiin baay'ifamee, bu'aa argamu sanada gurgurame waliin wal bira qabamee yoo ilaalamu, sanadi gurgurame dhibbeentaa shantamaa gadii ta'ee yoo argame, yookiin lafa caalbaasiif dhiyaatee irratti dorgomaa gahaan kan hin hirmaanne ta'uun yoo itti amaname;
4. Akkataa keewwata kanaa keewwata xiqqaa 3tiin yeroon kan dheeratu yoo ta'e, murteen fooyya'iinsa turtii yeroo dhiyeessii fi gurgurtaa sanada caalbaasii hanga guyyaa 7 fi guyyaa hojii sa'aa caalbaasii itti banamu murteesuun ummataaf ifa akka ta'u ni godhama, Ejensiin gabatee beeksiisaa irrattis akka maxxansu ni ta'a.

18. Adeemsa Raawwii Caalbaasii

1. Caalbaasiiin kan banamu bakka Ejensin beeksisaan ibsetti ta'a;
2. Caalbaasiiin kan banamu dorgomaan yookiin bakka bu'aan seeraa, akkasumas namni caalbaasii hordofuuf barbaadee kamiyyuu bakka argametti ta'a. Ta'us dorgomaan yookin bakka bu'aan isaa argamuu dhabuun adeemsa caalbaasichaa hin gufachiisu;

3. Ejensiin ogeessota barbaachisoodha jedhee itti amane sirna caalbaasichaa irratti taajjabummaan akka argaman waamicha gochuu ni danda’a;
4. Bakka bu’aan dorgomaa ragaa bakka bu’ummaa seera qabeessa ta’e dhiyeessuu qaba;
5. Gareen raawwachiisa caalbaasii, caalbaasiin lafaa banamun dura adeemsa caalbaasii fi sirna dorgomtootni hordofuu qaban ibsuu qaba;
6. Bakka dorgomaan argametti saanduqni saamsame kan hin quncaane ta’uu isaa ifaan mirkanaa’e sanduuqni caalbaasii kan banamu ta’a;
7. Barreessaan garee raawwachiiftuu caalbaasii, qaboo yaa’ii adeemsa baniinsa caalbaasii ni qaba, qaboon yaa’ii kunis maqaa guutuu dorgomtootaa, gatii dhiyeessanii fi dhimmoota biroo barbaachisoo ta’an kan qabatu ta’a. Qaboo yaa’ichaa fi sanada caalbaasii guddaa irratti miseensotni garee kan mallatteessan ta’a.
8. Adeemsi raawwii caabaasichaa masaajiin kan deeggarame yoo ta’e, gareen raawwachiiftuu caalbaasii sanada gatii dorgomtootni guutan koompiitaraan galmeessee lafa dorgomtootni irratti dorgomaniif bu’aa dhibba keesaa argatan bakka dorgomtoonni hundi argamanitti pirojektaraan battalumatti ni ibsa.

19. Sanada Caalbaasii Xiinxaluu

1. Dambicha keewwata 19(1 fi 2) irratti kan tumame akkuma jirutti ta’ee,
2. Gareen raawwachiisa caalbaasii lafaa, caalbaasichi guutuudha jedhee fudhachuu kan danda’u dhimmoota barbaachisoo sanada caalbaasii irratti tarreeffaman guutamanii yoo argaman qofadha.

3. Caalbaasii xiinxaluu fi waldorgomsiisuuf kan gargaaru ta’ee yoo argame, gareen raawwachiisa caalbaasii, sanada caalbaasii dhiyeessan irratti dorgomtoonni ibsa akka itti kennan gaafachuu ni danda’a. Ta’us jijjiirama gatii yookiin dorgomaa unka hin guunne akka guutu gochuu dabalatee dhimmoota bu’uuraa irrattii jijjiirama hordofsiisan irratti ibsa gaafachuun, yaada dhiyeessuun, yookiin fudhachuun hin danda’amu.

20. Dorgomaa Caalbaasiin Ala Gochuu fi Itti Gaafatamummaa

Dorgomaan tokko qabxiiwwaan armaan gaditti tarreeffaman keessaa tokko guutuu yoo baate caalbaasiidhaan ala ta’a.

1. Ulaagaalee fi haal dureewwaan sanada caalbaasii irratti ibsaman osoo hin guutiin yoo hafe;
2. Dorgomaa waggaa tokko keessatti yeroo lama caalbaasii moo’atee waliigaltee osoo hinmallatteessin hafe;
3. Caalbaasiiwwan kanaan dura bahaniin dirqama gale osoo hin kabajin hafuu isaatiin addabbii yeroo waggaa lamaa osoo hin xumurin dorgommiif dhiyaate, yookiin ijaarsa hin xumurin hafuu isaatiif lafti kan irraa fudhatame yoo ta’e;
4. Hanga maallaqa kabachiisa caalbaasiif gaafatame gadi yoo qabsiise;
5. Gochoota kanatti aananii jiran keessaa tokko yoo raawwate:-
   a. Ajaja kaffaltii seera qabeessummaa hinqabne kan dhiyeesse,
   b. Sanada dandeetti kafaltii baankii agarsiisu kan seera qabeessummaa hinqabne kan dhiyeesse,
   c. Ragaa bakka bu’ummaa seera qabeessummaa hinqabne kan dhiyeesse,
   d. Paarselii caalbaasiif dhiyaate tokko irratti sanada caalbaasii tokko ol kan dhiyeesse,

e. Sanada kabachiisa caalbaasii tokko, lafa caalbaasii tokkoo oliif yoo dhiyeesse

f. Sanada caalbaasii irratti gochaa seera qabeessummaa hinqabne kamiyyuu yoo raawwatee, fi

g. Ilaalcha addaa argachuuf yookiin caalbaasicha moo'achuuf abbaa taayitaa, yookiin hojjataa kamiifiyyuu kenna hin malle kennuu, yookiin kenna hin malle kennuuf yaada dhiyeessuun isaa ragaa amansiisaan yoo mirkanaa'e,

6. Dorgomaan gochaawwan keewwata kana keewwata xiqqaa 1-4tti tarreeffaman raawwate caalbaasii irraa ni haqama, ragaaleen ittiin dorgome Ejensii harka akka taa'uu ni ta'a, gochichi yeroo lamaa ol kan deddeebi'e yoo ta'e, Ejensiin adeemsa caalbaasii irraa waggaa lamaaf dhorkuu ni danda'a.
7. Keewwata kana keewwata xiqqaa 5 jalatti tarreeffaman raawwatee argame caalbaasicha irraa haqamee qaamni gochaa kana raawwate bu'uura labsiichaa keewwata 35tiin kan gaafatamu ta'a.

21. Dorgomii Caalbaasii fi Moo'attoota Adda Baasuu

1. Dorgommiin caalbaasii kan gaggeeffamu bu'uura Dambichaa keewwata 18(1-9) Caalbaasiin idilee yeroo tokkoffaa fi lammaffaa bahe irratti kan waldorgomsiifamu lafa parsilii tokkoo irratti dorgomaan sadii fi isaa ol, yeroo sadaffaaf yoo ta'e garuu dorgomaa lamaa fi isaa ol yoo dhiyaatee fi dirqama irraa barbaadamu guutun isaanii koree caalbaasiitiin erga mirkanaa'ee booda ta'a.
2. Caalbaasii addaa yoo ta'e, marsaa caalbaasii kamiinu dorgomaan tokkoo fi isaa ol yoo dhiyaatee ulaagaawwan biroo guutamuu qaban mirkaneessuun dorgomsiisanii bu'aa isaa beeksisuun ni danda'ama.

22. Qaboo Yaa’ii Bu’aa Caalbaasii Qabuu

Gareen raawwachiisa caalbaasii qaboo yaa’ii raawwii caalbaasii liizii agarsiisu qopheessuu fi miseensota hundaa mallatteessisuun yaada murtee waliin caalbaasiin raawwatee guyyoota hojii sadeen itti aanan keesatti koree maneejimentii Ejensii magaalaatiif kan dhiyeessu ta’ee, qaboon yaa’ii qophaa’u dhimmoota kanatti aanan kan qabu ta’a.

1. Ibsa waliigala caalbaasii, lakkoofsa addaa iddichaa, bal’ina lafaa waliigalaa fi tokkoon tokkoon isaa, marsaa caalbaasichaa, baay’ina lafa dhiyaatee, baay’ina dorgomaa sanada bitate, caalbaasichi hojimaata sirrii ta’ee eegee kan baname ta’uu isaa fi kkf;
2. Gatii dorgomaan tokkoo dhiyeesse, hanga gati liizii duraa kaffalame fi dandeettii misoomsuu;
3. Adeemsa caalbaasii irratti dorgomaa yookiin qaama kamiyyuu irraa komiin dhiyaate yoo jiraate;
4. Iyyannoon addaa dorgomaa irraa dhiyaate yoo jiraate;
5. Moo’ataa caalbaasii fi sababa moo’ataa ta’e ittiin filatame; fi
6. Sababa dorgomtootni biroo hin moo’anneef dabalataan kan hammatu ta’uu qaba.

23. Bu’aa Caalibaasii Mirkaneessuu fi Moo’attootaaf Beeksisuu

1. Walitti qabaan koree raawwachiftuu caalbaasii qaboo yaa’ii bu’aa fi yaada murtee caalbaasii xumuramee guyyoota hojii sadii itti aanu keessatti koree manejimentii Ejensii magaalaatiif dhiyeessuu qaba.
2. Koreen manejimentii Ejensii magaalaa qaboo yaa’ii fi yaada murtee dhiyaatee qoratee guyyoota hojii lama keesatti murtee ni kenna.
3. Bu’uura murtee koree manejimentii Ejensii magaalaatiin moo’ataaf teessoo isaatiin xalayaan akka qaqqabu ni taasifama;

4. Moo’attootni caalbaasii ulaagaalee ittiin moo’atan, gatii lafaaf kennan, hanga kaffalti liizii duraa, teessoo fi kodii iddichaa fi maqaa guutuun moo’ataa tarreeffamee gabatee beeksisaa irratti uummataaf ifaan akka beekamu ta’a.

24. Wabii Kabachiisa Caalbaasii Deebisuu

Wabiin kabachiisa caal baasii magaalota Baankiin keessatti argamu keessatti CPO baankii akkawuntii “unconditional” ta’ee yookiin bakka Baankiin hinjirretti immoo nagahee Waajjira Galiitti maallaqni ittiin qabsiifame ta’ee raawwiin isaa seera faayinaansii eeggatee, akkataa Dambicha keewwata 21(1-3) jalatti tumameen ta’a.

25. Moo’attummaa Caalbaasii Haquu fi Wabii Kabachiisa Caalbaasii Galii Taasisuu

Mo’ataan caalbaasii yeroo Dambicha keewwata 20(5) jalatti tumame keessatti dhiyaatee waliigaltee raawwachuu qaba. Guyyoota kana keessatti dhiyaatee yoo hin mallatteessine, akkataa Dambicha keewwata 20(6) jalatti tumamen guyyaan hojii 3 ni dabalamaaf. Guyyoota dabalaman keessattis dhiyaatee yoo hinmal’atteessine moo’achuun isaa ni haqama, maallaqni wabii kabachisa caalbaasiif qabsiise bulchiinsa magaalaatiif galii ta’a.

26. Komii Adeemsa Caalbaasii Irratti Dhiyaatu

1. Dorgomaan kamiyyuu adeemsa caalbaasii irratti komii yoo qabaate komii isaa guyyaa hojii sadii keessatti kantiibaa magaalaatiif kan dhiyeessu ta’e, kantiibaan magaalichaas komii dhiyaateef qulqulleessuun guyyaa hojii sadii keessatti deebii kennuu qaba.
2. Komii dhiyeessaan deebii kennameef irratti yoo walii hin galle, komii isaa Magaalota itti waamamni isaanii Naannoodhaaf ta’e Ejensii Naannootiif, Magaalota itti waamamni isaanii godinaaf

ta’e Deeskii Misoomaa fi Manajimentii godinichaatti dhiyeessuu ni danda’a.

27. Mirgaa fi Dirqama Moo’attoota Caalbaasii

Mirgii fi diqamni moo’ataa caalbaasii akkataa Dambicha keewwata 20(5, 6, 7, 8 fi 9) tumameen kan raawwatamu ta’ee,

1. Moo’ataan caalbaasii guyyaa beeksifni bahee yookiin xalayaan harka gahe irraa eegalee guyyoota hojii 10 keessatti Ejensiitti dhiyaatee kaffaltii gatii liizii duraa irraa barbaadamu kaffalee, waliigaltee liizii raawwatee waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa lafa sana mirkaneessu fudhachuuf mirga ni qaba;

2. Namni waliigaltee liizii raawwate yeroon inni itti ijaarsa jalqabuu fi xumuru akkataa Dambicha keewwata 37-39 irratti tumameen ta’a.

3. Moo’ataan guyyaa bu’aan caalbaasiin ibsamee irraa kaasee guyyoota hojii 10 keessatti dhiyaatee waliigaltee yoo hin raawwanne xalayaan of-eeggannoo akka qaqqabu yookiin beeksiifni waamichaa gabatee beeksiisaa Ejensii irratti akka maxxanfamu ni ta’a.

4. Mo’ataan guyyaa xalayaan of-eegannoon qaqqabe yookiin gabatee beeksiisaa Ejensii irratti maxxanfamee eegalee guyyoota hojii sadii keessatti dhiyaatee kaffaltii isaa irraa barbaachisu raawwachuun waliigaltee yoo hinmall’atteessine, mo’ataa caalbaasii ta’uun isaa ni haqama. Maallaqni kabachiisa caalbaasiitiif qabsiisee tures mootummaaf galii ta’a.

28. Qabiyyee waliigaltee

Qabiyyeen waliigaltee:

1. Mirgaa fi dirqama dorgomtootaa, hojii fi itti gaafatamummaa waliigaltee kennaa, haala bulchiinsa qabiyyee liizii waliigalaa,

dabalataaniis haala amala addaa iddichaa wajjin walqabatan kan agarsiisu ta’uu qaba.

2. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tarreeffame, qaama sanada caalbaasii ta’ee dhiyaachuu qabu.
3. Waliigalee liizii fi kiraa lafa magaalaa kan raawwatuu fi waliigaltee irratti kan mallatteessu Magaalota Ejensiin hundeeffame keessatti itti gaafatamaa Ejensiitiin yoo ta’u, kan keessatti hinhundeeffamne keessatti immoo Kantiibaa Magaalaatiin ta’a.

29. Ogummaa fi Gahee Hojii Miseensota Koree raawwachiiftuu caalbaasii

1. Koreen raawwachiiftuu caalbaasii bu’uura Dambichaa keewwata 22 (1) kan gurmaa’u ta’ee ogummaa Seeraa , Ikonomiksii, Pilaanara Magaalaa, Hooggansa magaalaa, Maanjimentii, Teeknolojii odeefannoo, Qunnamtii uumataa, Bulchiinsa lafaa, Injinara sivilii yookiin Sarveeyiingii irraa kan walitii bahaniin, bakka ogeeyyiin ogummaa kana qaban hinjirretti ogeeyyi hojicha ni hojjatu jedhamanii itti amanameen Ejensii magaalaatiin kan hundeeffamu ta’a;
2. Baay’inni miseensota koree raawwachiiftuu caalbaasii akka qabatamaa amalaa fi bal’ina magaalaatiin adda adda ta’ee, miseensota sadii hanga shanii qabaachuu ni danda’a;
3. Koreen raawwachiisa caalbaasii hojiiwwan armaan gadii ni raawwata.

   Kan Dambicha keewwata 23 (1-5) jalatti tumame akkuma jirutti ta’ee, koreen:

   a. Lafa caalbaasii liiziitiif qophaa’e falmii kamiyyuu irraa bilisa ta’u, qoqqodiinsa pilaanii, lakkoofsa addaa iddoo qabaachuu fi bu’uuraaleen misoomaa kan guutameef ta’u isaa qaamaan

dirree irratti argamee mirkaneessuun walharkaa fuudhinsa taasisuu qaba;

b. Haal-dureewwan dorgomtoonni guutu qaban ni qopheessa;

c. Sanada caalbaasii ni qopheessa;

d. Bakka caalbaasiin itti raawwatu, guyyaa fi saa'aa ni murteessa;

e. Beeksisa caalbaasii ni baasa, seeraan darbu isaa ni hordofa;

f. Lafa caalbaasiif dhiyaatu ni daawwachiisa;

g. Sanadni caalbaasii gurguramuu isaa ni hordofa;

h. Bakka caalbaasii itti gaggeeffamu ni qopheessa;

i. Saanduqa caalbaasii taajjabdoota waliin ta'uun ni saamsa, ni bana;

j. Xiinxala sanada caalbaasii ni gaggeessa;

k. Sanada waliigaltee ni qopheessa;

l. Waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa maqaa moo'ataatiin qopha'uu isaa ni mirkaneessa, hojiirra oolmaa isaas ni hordofa;

m. Ajaja kaffalti ittiin fuudhamu akka qophaa'u ni taasisa;

n. Walharkaa fuudhinsa sanadaa (waliigaltee, waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa) ni raawwachisa;

o. Odeeffannoo caalbaasii kompitaraa fi harkaan galmeesse ni ni qabata;

p. Dorgomtootni dirqama isaani hin baane fi gocha seera qabeessa hintaane raawwatan caalbaasicha irraa akka

haqamanu koree Maneejimentii Ejensii magaalaatiif, bakka koreen Maneejimentii hinjirretti itti gaafatamaa caasaa Ejensiitiif yaada murtee ni dhiyeessa.

q. Lafti moo'ataa harka akka gahu ni taasisa;

r. Magaalicha keessatti marsaa marsaan lafa caalbaasiidhaan darbe, gatii liizii ol'aanaa waliigalteen irratti raawwatame ni qindeessa, ni qabata.

s. Gatii mirga gurgurtaa liizii lafa ijaarsi irratti hinjalqabamin yookaan hinxumuramin ni herreega; bitataa fi gurguratataa ni beeksisa.

t. Gatii gurgurtaa mirga mirga liizii lafaa irratti yoo walii hingalamne fi laficha irratti ijaarsi hinjalqabamne caalbaasiidhaan akka darbu ni taasisa.

30. Gahee Hojii Walitti Qabaa Koree Raawwachisa Caalbaasii

1. Itti gaafatamaa Ejensii yookiin caasaa Ejensii magaalaatiin kan bakka bu'u ta'ee, waligahii miseensota koree raawwattoota caalbaasii ni hoggana;
2. Guyyaa raawwii caalbaasii argamee caalbaasiin gaggeeffamuun dura wantoota moo'attotni guutuu qaban guutamuu isaani ni mirkaneessa;
3. Adeemsi, xiinxalli sanada fi bu'aan caalbaasii sirriitti raawwatamuu isaa qaboo yaa'ii qabamaa deemuu isaa ni mirkaneessa;
4. Yaada murtee koree raawwachiftuu caalbaasii koree Maneejimentii Ejensii magaalaatiif, bakka koreen Maneejimentii hinjirretti itti gaafatamaa caasaa Ejensiitiif magaalaatiif ni dhiyeessa.
5. Dhimmoota walfakkaatan kan biroo ni raawwata.

31. Gahee Hojii Barreessaa Koree Raawwataa Caalbaasii

1. Itti gaafatamaa Ejensii yookiin caasaa Ejensii magaalaatiin kan bakka bu'u ta'ee, qaboo yaa'ii koree raawwachiiftuu caalbaasii ni galmeessa, galmeewwan barbaachisan guutee ni qaba;
2. Sanadoota caalbaasii dorgomtootni dhiyeessan fuudhee kompitaraa fi galmee dhaabbiitti ni galmeessa;
3. Miseensota koree waliin ta'uun gabatee gatii ni qopheessa;
4. Walitti qabaa waliin ta'uun ajandaa ni qopheessa, bu'aa caalbaasichaa ni beeksisa.

Kutaa Afur

Lafa Ramaddii Liiziin Kennuu

32. Pirojektoota Yookiin Tajaajiloota Lafti Rammaddii Liiziitiin Kennuuf

Akkataa Labsichaa Keewwata 12 fi Dambichaa Keewwata 24 irratti tarreeffametti lafti magaalaa ramaddiin kennamu kanneen armaan gadii kan haammatu yoo ta'u, magaalota sirna liizii keessa hingalle keessattis raawwatiinsa ni qabaata.

1. Lafa ijaarsa manneen hojii abbaa baajataa mootummaa tajaajila waajjiraatif ooluuf,
2. Lafa dhaabbilee mootummaan yookiin tola ooltotaan kenna tajaajila hawaasummaatiif oolaniif,
3. Lafa ijaarsa manneen jireenya waliinii mootummaa yookiin waldaa gamtaa of-gargaarsaan adeemsifamaniif,
4. Iddoo waaqeffannaa fi hawwaalchaa dhaabbilee amantaatiif oolu;
5. Lafa induustirii manifaakchariingiitif oolu;
6. Kireeffattoota seera qabeessa mana jireenyaa yookiin mana daldalaa mootummaa yookiin gandaa, sagantaa deebisanii

misoomsuu magaalaatiin ka’anii manni akkaataa dambicha keewwata 26 (4-6)’tiin carraa dursa mana jireenya waliinii bitachuu ykn mana daldalaa waliin ijaarachuu hin arganneef;

7. Lafa waliigaltee Mootummaatiin tajaajila embaasiiwwanii fi dhaabbilee idila-addunyaatiif kennamu;
8. Lafa tajaajila pirojektoota gurguddoo faayidaa biyyoolessummaa qabaniif karaa prezidaantii Naannootiin Kaabineef qajeelfamnu;
9. Lafa kilaastarii intarpiraayizii maayikiroo fi xixiqqaa mootummaan ijaaramaniif;
10. Lafa jiraattota magaalaa ykn qonnaan bultoota sababa misoomaatiin qabiyyee isaanii irraa ka’aniif kennamu;
11. Akkaataa dambicha keewwata 27’tiin lafa yeroo gabaabaaf liiziin ykn kiraan kennamu

33. Qaama Lafa Ramaddii Liiziin Eeyyamu

Qaamni lafa magaalaa ramaddii liizii fi magaalota sirna liizii keessa hingalle keessattis kiraan eeyyamu Mana Maree yookiin qaama bakka bu’ummaan kennameefiin ta’a.

34. Haala Gaaffiin Lafa Ramaddii Liizii Itti Dhiyaatu fi Murtaa’u

Qaamni lafti ramaddiin akka kennamuuf gaafatu kan kessummaa’u gaaffii isaa kallattiin karaa Ejensiittiin Mana Mareetiif yookiin prezidaantii naannootiif yookaan qaama aangoon bakka bu’ummaa kennameefitti dhiyeeffachuudhaan ta’a.

35. Ulaagaalee Lafti Ramaddii Liiziitiin Itti Kennamu

Qaamoleen lafti ramaddiin akka kennamuuf gaaffii dhiyeessanu ulaagaalee armaan gadii guutuun isaanii erga mirkanaa’ee booda lafti ramaddii liizii eeyyamamuufii ni danda’a.

1. Waajjira Abbaa Bajataa Mootummaa ykn Dhabbata Tajaajila Hawaasummaa

a. Xalayaa deeggarsaa,

b. Xalayaa tilmaama beenyaa lafichaa kaffaluuf fedhii qabaachuu isaanii ibsu

c. Xalayaa ijaarsichi karoora bara baajatichaa keessatti qabamuu isaa ibsuu, fi

d. Baajati hojichaa jalqabuu yookiin rawwachuuf barbaachisu bara bajatichaattii qabamuu isaa ibsu; hoogganaa ol’aanaa mana hojii abbaa bajataa naannoo yookiin itti gafatamaa magaalaa gaaffichi itti dhiyaate irraa dhiyaachuu qaba.

2. Dhaabbata Mit-Mootummaa

a. Xalayaa deeggarsaa, xalayaa ijaarsichi karoora bara baajatichaa keessatti qabamuu isaa ibsuu, fi baajati hojichaa bara bajatichaatti qabamuu isaa ibsu hoogganaa ol’aanaa dhaabbatichaa yookiin itti gafatamtoota sadarkaa sadarkaan jiranu irraa;
b. Heyyama hojii dhaabbatichaa baraa gaaffiin dhiyaate keessa haaroomfame;
c. Heyyama hojii bulchiinsa magaalaa yookiin naannoo irraa kennameef;
d. Piroojaktichi hojjatamuuf fudhatama argachuu isaa ragaa mirkaneessu mana hojii qaama dhimmi ilaaluu naannoo yookiin bulchiinsa magaalaa irraa kenname guuttachuu qaba.

3. Misooma Mana Jireenyaa

I. Misooma Mana Jireenyaa Mootummaadhaan Gaggeeffamu

a. Xalayaa hojichi karooraa waggaa bara baajataa lafichi itti gaafatame keessatti qabamuu isaa agarsiisu, fi
b. Xalayaa baajati hojichaaf bara bajatichaatti qabamuu isaa ibsu; hoogganaa ol’aanaa mana hojii abbaa bajataa yookiin

itti gafatamtoota sadarkaa sadarkaan jiranu irraa dhiyaachuu qaba.

II. Waldaalee Ijaarsa Mana Jireenyaa

a. Ragaa beekamtii qaama seerummaa qaama aangoo qabuun kenname;
b. Ulaagaa seera waldaalee ijaarsa mana jireenyaa guutanii argamuu qabu.

4. Dhaabbilee Amantii

a. Ragaa beekamtii qaama seerummaa qaama aangoo qabuun kenname;
b. Xalayaa tilmaama beenyaa lafichaa kaffaluuf fedhii qabaachuu isaanii ibsu
c. Xalayyaa deeggarsaa qaama gaggeessaa amantichaa irraa kenname;
d. Xalayaa baay'ina miseensota amantaa iddichi gaafatameef ibsuu fi kanuma kan mirkaneessu bulchiinsa magaalaa irraa xalayaan barreeffamaa;
e. Lakkoofsi hordoftoota amanticha baay'ina istaandaardii irratti ibsameen kan wal simu ta'uu;
f. Ragaa maallaqa tilmaama beenyaa lafa gaafatameen walgitu qabaachuu isaa baankii irraa dhiyeessuu;
g. Lafti gaafatame yoo murtaa'eef yeroo ji'a tokko hincaalle keessatti qarshii beenyaa galii godhee laficha harkaan gahachuu qaba;
h. Yeroon ji'a tokkoo keewwata kana keewwata xiqqaa 4(g) irratti tumame yeroo Ejensiin laficha qopheessuuf fudhatu kan dabalatu hinta'u.

6. Induustirii Manifaakchariingii

a. Tarreeffama guutuu qorannoo projektii dhiyaachuu qaba;
b. Projektiin dhiyaatu faayidaa inni biyyaaf kennu ilaalchisee, qaama sektara inveestimentii hoogganu irraa xalayaa deeggarsaa dhiyeeffachuu qaba.
c. Tarreeffamni projektii dhiyaatee pilaanii itti fayyadama lafaa bu'uureffachuun Ejensii sadarkaa magaalaatiin lafti qopa'uu qaba;
d. Qaamni lafti ramaddii liiziitiin akka fudhatu murtaa'eef, beenyaa fi baasii jiraattota fi/yookiin qabeenya lafa sana irra jiru kaasisuuf barbaachisu ni kafala.
e. Qaamni lafti ramaddii liiziitiin akka fudhatu murtaa'eef, baasii bu'uura misoomaa lafa sana irraan gahuuf bahe ni kafala.
f. Abbootiin qabeenyyaa biyya keessaa ykn biyya alaa pirojektii misoomaa gaafataniif dandeettii kaappitaalaa isaanii akkaataa seera investimentii irra taa'een agarsiisuu qabu.

7. Intarpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa

a. Xalayaa gaaffii lafaa fi baajati hojichaa barbaachisu bara bajatichaatti qabamuu isaa bsu hoogganaa Ejensii Misooma Intarpraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa irraa dhiyaachuu qaba.

b. Lafti gaafatame maqaa Ejensii Misooma Intarpraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa magaalaa gaaffii dhiyeesseetiin kan kennamu ta'a.

7. Qabiyyeewwaan Sababa Misoomaatiin Gadi lakkisiifamniif Lafa Bakka Bu'iinsaan Ramaduu

I. Qabiyyee Durii fi Qabiyyee Durii Waraqaa Abbaa Qabiyyummaa Hinqabne

a. Jiraataan abba qabiyyee sanaa ta'uu mirkaneessuu;

b. Bal’inni qabiyyee lafaa sababa misoomaatiin akka gadi lakkifamu ta’e hangam akka ta’e adda baasuudhaan, m^2 500 fi isaa gadi kan ta’e hanguma gadi lakkise, kan isaa ol ta’e m^2 500 kiraadhaan bakka ni buufamaaf.
c. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 7(I)(b) irratti tumame akkuma jirutti ta’ee, nama bal’ina lafaa staandaardii magaalaati gadi ta’e gadi dhiiseef hanga bal’ina lafaa istaandaardii irra jiruutiin kiraadhaan ni kennamaf.

II. Qabiyyee Qonnaan Bulaa Yookaan Horsiisee Bulaa Yookaan Gamis Horsiisee Bulaa

a. Qonnaan bulaa abbaa qabiyyee fudhatamee adda baasuu;
b. Baay’ina ijoollee isaa umuriidhaan adda baasuu;
c. Dambicha keewwata 26 keewwata xiqqaa 7 jalatti haala tumameen qabiyyee misoomaaf fudhatamuuf beenyaan seeraan kaffalamuuf akka jirutti ta’ee, qonnaan bulaa yookiin horsiisee bulaa yookiin gamisa horsiisee bulaa lafti akka gadi lakkisu taasifame m2 500 fi isaa gadi yoo ta’ee, lafa mana jireenyaa irratti ijaarratu, hanguma lafa gadi lakkisee, kan m2 500 ol ta’eef immoo, m2 500 kiraadhaan bakka ni buufamaaf.
d. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa II(c) jalatti tumame akkuma jirutti ta’ee, ijoollee qonnaan bulaa yookiin horsiisee bulaa yookiin gamisa horsiisee bulaa qabiyyee isaa gadi lakkisee kanneen umriin isaanii waggaa 18 fi isaa ol ta’an, lafa sana irra jiraatanuu fi mana jireenyaa maqaa isaaniitiin hinqabneef akkaataa istaandaardii jiruutiin lafti mana jireenyaa irratti ijaarratan sirna kiraatiin ni kennamaaf.
e. Keewwata kana keewwata xiqqaa II(c, fi d) jalatti kan tumame akkuma jirutti ta’ee, lafti qonnaan bulaa yookiin horsiisee bulaa yookiin gamisa horsiisee bulaa fi ijoollee

isaanitiif kennamu bal’ina lafaa sababa misoomaatiin fudhatamee ol ta’uu hinqabu.

f. Akkataa Keewwata kana keewwata xiqqaa (II) tiin laftii qonnaan bulaa yookiin horsiisee bulaa yookiin gamisa horsiisee bulaa fi ijoollee isaanitiif kennamu magaalaa tokko keessatti yeroo tokkoo ol ta’uu hinqabu.
g. Qonnaan bulaaf yookiin horsiisee bulaaf yookiin gamisa horsiisee bulaaf beenyaan kaffalamu bal’inni lafaa waliigalaa misoomaaf fudhatamuu irraa bal’inni lafa mana jireenyaa isaa fi ijoolleef kennamu irraa hir’ifamee lafa hafu qofaa irratti ta’a.
h. Qonnaan bulaan yookiin horsiisee bulaan yookiin gamsa horsiisee bulaan qabiyyee lafa isaa magaalaa keessaa hojii misoomaatiif gadi lakkisee, dhunfaadhaan yookiin gareedhaan hojii invastimantii irratti bobba’uuf fedhii fi dandeetti yoo qabaatee yookiin qabaatan lafti gosa hojii investimentichaaf barbaachisu ramaddii liiziitiin ni kennamaaf.
i. Ijoollee qonnaan bulaa sababii misoomaatiin lafa isaa irra akka ka’u taasifameef umriin isaanii waggaa 18 fi isaa ol ta’ee fi kanneen hojiii dhabeeyyii ta’aniif haalli isaan misoomaa snan keessatti qooda fudhachuu danda’an ni mijaawaaf.
j. Qonnaan bulaan yookiin horsiisee bulaan yookiin gamisa horsisee bulaan lafti qabiyyee isaa turee gara magaalaatti daangeeffame hanga qabiyyee isaa misooma biraatiif gadi lakkisutti gibira kan kaffalu akkataa lafa baadiyyaatiin ta’ee, ijaarsa haarawaa gaggeessuun alatti eeyyama malee manaa fi dallaa isaa suphachuu ni danda’a.
k. Qonnaan bulaan yookiin horsiisee bulaan yookiin gamisa horsisee bulaan lafti qabiyyee isaa turee gara magaalaatti

daangeeffame misooma biraatiif hanga gadi lakkisanutti ijooleen isaanii waggaa kudha saddeetii fi isaa ol ta’an eeyyama qaama lafa ramaddiin kennuuf aangoon kennameefiitiin qabiyyee sana irraa bal’ina lafaa istaandaardii mana jireenyaaf eeyyamamuun lafti kennameefii mana jireenyaa ijaarrachuu ni danda’u.

l. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa “k” irratti tumame akkuma jirutti ta’ee, ijoolleen qonnaan bulaan yookiin horsiisee bulaan yookiin gamisa horsisee bulaa lafti mana jireenyaa itti ijaarratan eeyyamameef yeroo lafichi gadi lakkifamu, manni isaan ijaarratan yoo kan ka’u ta’e malee lafti biroo hinkennamuuf.

8. Kireeffattoota Mana Jireenya Gandaa Yookiin Mootummaa

I. Kireeffattoonni mana jireenya gandaa yookiin mootummaa adda baasuuf:

a. Kireeffataa seera qabeessa ta’uun isaa qaama dhimmi ilaaluun mirkanaa’u qaba;
b. Baay’inni maatii mana keessa jiraatu addaan bahee dhiyaachuu qaba;
c. Manicha keessa yeroo hangamii akka jiraatan ragaan ibsu dhiyaachuu qaba;
d. Maqaa ofiitiin yookiin maqaa haadha waarraa isaatiin yookiin abbaa waarraa ishiitiin mana jireenyaa yookiin lafa ijaarsa mana jireenyaaf oolu kan hin qabne ta’uun yoo mirkanaa’ee fi adeemsa keessa yoo lafa qabaachuun mirkanaa’e, lafa mana jireenyaa sababa misoomaatiin fudhate mootummaan kan irraa fudhatamu ta’uu waliigaltee barreeffamaatiin yoo mirkaneesse;
e. Waliin jiraataa yoo ta’e seera qabeessa ta’uun mirkanaa’uu qaba;

f. Yeroo manichi sababa misoomaatiin ka’utti kireeffataan yookiin maatiin isaa manicha keessa jiraataa kan jiran ta’uun mirkanaa’uu qaba.

g. Maallaqa humna ijaarsaa agarsiisu maallaqa ragaa herreega baankii cufaa keessa jiruun agarsiisuu qaba.

II. Kireeffataan mana jireenya gandaa yookiin mootummaa seera qabeessa ta’e yeroo mannichi sababa misoomaatiin ka’utti:

a. Magaala sagantaan misooma manneenii hinqabne keessatti manni gandaa yookiin mootummaa kan tajaajila mana jireenyaaf oolu biroo yoo kan argamu ta’e ni jijjiiramaaf;

b. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa II(a) irratti tumame akkuma jirutti ta’ee, manni gandaa yookiin mootummaa kan tajaajila mana jireenyaaf oolu biroo kan hinargamne yoo ta’e, lafa manni jireenyaa irratti ijaaramu akkataa istaandaardii jiruutiin gatii ka’umsa liiziitiin ramaddiin ni kennamaaf;

c. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa II(b) irratti tumame akkuma jirutti ta’ee, magaalaa sirna liizii keessa hingalle keessatti yoo ta’e kafaltii barbaachisu hunda akka kafalu ta’ee, lafti ijaarsa mana jireenyaatiif oolu akkataa istaandaardii jiruutiin kiraadhaan ni kennamaaf;

9. Kireeffattoota Mana Daldalaa Gandaa Yookiin Mootummaa

I. Kireeffataan mana daldalaa gandaa yookiin mootummaa seera qabeessa ta’e yeroo mannichi sababa misoomaatiin ka’utti:

a. Eeyyama daldalaa kan qabu;

b. Dirqama gibiraa kan bahe ta’uun isaa;

c. Mana daldalaa mataa isaa tajaajila walfakkaatu magaalaa keessatti kan hin qabne ta’u fi

d. Lafa ijaarsa mana daldalaa magaalaa sana keessaa kan hin qabne ta’uun isaa yoo mirkanaa’e dha.

e. Kireeffataan seeraa mana daldalaa gandaa yookiin mootummaa sababa deebisanii misoomsuutiin akka ka’u ta’e,

II. Kireeffattoonni mana daldalaa mootummaa yookiin mana gandaa seera qabeessa ta’an akka ka’an yemmuu taasifamu; bu’uura pilaaniin magaalaa heeyyamuun feedhii waliin ijaaruu kan qaban yoo ta’ee, akkaataa qaamni dhimmi ilaalu murteessuun lafti gamoo irratti ijaaratan haala armaan gaditti ibsameen ni kennamaaf:

a. Magaalaa sadarkaa 1ffaa keessattii nama tokkoof hanga kaareemeetira 40
b. magaalota sadarkaa 2ffaa keessattii nama tokkoof hanga kaareemeetira 60
c. magaalota sadarkaa 3ffaa keessattii nama tokkoof hanga kaareemeetira 80
d. Magaaloota sadarkaa 4ffaa keessatti nama tokkoof hanga kaaremeetira 120 magaalota sirna liizii keessa galan keessatti gatii ka’umsa liiziitiin, kanneen sirna liizii keessa hingalle keessatti immoo kafaltii barbaachisu hunda akka kafalu ta’ee kiraadhaan kan keessummeeffaman ta’a.
e. Keewwata kana keewwata xiqqaa II (a-d) irratti kan ibsamee akkuma jiruutti ta’ee, qoqqodiinsa lafaa kan pilaanii magaalaa irra jiru, bal’ini waliigalaa lafa tokkoon tokkoon isaaniif eeyyamameefii ol yoo ta’e, kan hafe gatii liizii ol’aanaa naannawa sanaatti argameen ramadiin ni kennamaaf.

10. Qabiyyee Lafa Liiziin Qabame Irraa Sababa Misoomaatiin Ka’uu

Akkataa Dambicha keewwata 26 keewwata xiqqaa 2 fi 3 jalatti tumameen:

a. Abbaan qabiyyee mirga liizii barri waliigaltee liizii xumuramuun dura iddicha akka gadi lakkisu hin taasifamu.
b. Keewwata kana keewwata xiqqaa (a) irratti kan tumame akkuma jiruutti ta'ee, qabiyyichi faayidaa ummataaf jecha kan barbaadamu yoo ta'e; abbaan mirga qabiyyee liizii isaa akka gadi dhiisuu taasifamu bara liizii hafeef lafa bal'inaa fi sadarkaan walfakkaatu waliigaltee duraan tureen bakka bu'insaan ni kennamaaf.
c. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa b jalatti ibsame akkuma eegametti ta'ee, waliigaltichi teessoo lafa haraa'aa fi yeroo haara galfii ijaarsaaf kennamu yaada keessa galchuun kan sirreeffamu ta'a.
d. Waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa jijjiiramuu qaba.
e. Kaffaltii ilaalchisee, bu'uura herreega kaffaltii duraatiin kan itti fufu ta'a.Ta'us sababa qoqqoodinsaatiin adda addummaan bal'ina lafa yoo jiraatee hangi adda addummaan walsimachuu qaba.

36. Raawwii fi Qabiyyee Waliigaltee Lafa Ramaddiin Eeyyamamee

1. Namnii lafti ramaddii liiziin eeyyamameef kaffaltii gatii lafichi ramaddiin ittiin murtaa'e irratti hundaa'uudhaan kafaltii barbaachisu raawwatee, Ejensiitti dhiyaatee, walii galtee akka raawwatu fi laficha akka fudhatu ta'a.

2. Qabiyyeen walii galtee raawwatamu dhimmoota qaboo yaa'ii keessatti ibsamani fi murteewwan darban, akkasumas, mirgaa fi dirqama walii galtee kennaa fi walii galtee fudhataa maanuwaalii hojmaata lafa magaalaa liiziin bulchuuf bahe irratti tarreeffamaan kan hammatu ta'uu qaba.

37. Mirgaa fi Dirqama Namni Lafti Ramaddi Liiziin Kennameefii

1. Jecha walii galtichaa kabajuu fi raawwachuuf dirqama qaba;
2. Iddicha tajaajila eeyyamamef qofa olchuuf dirqaama qaba;

3. Proojektii eeyyamameef jijjiiruu yoo barbaade, gaaffi isaa qaama aangoon kallattiin yookaan bakka bu’ummaan kennameefitti dhiyeessee hayyaamsiisuu qaba;
4. Jijjiirraan gosa projektii gaafatameef kan eeyyamame yoo ta’ee, akkataa Dambicha keewwata 42(2 fi 3)tin kaffaltii liizii irraa barbaadamu kafalee waliigaltee sirreesuun mallatteessuu qaba;
5. Namni projektii maanifaakchariingiitiif laftii ramaddii liiziitiin kennameef yeroo ijaarsa jalqabuu fi xumuruu Dambichaa fi Qajeelfama kana keessatti tumame kabajuu yoo baate akkataa Dambicha keewwata 38-41tiin kan raawwatamu ta’a;
6. Manneen hojii abbaa baajata mootummaa, dhaabbilee tola ooltotaa fi dhaabbileen amantaa yeroo ijaarsa jalqabuu fi xumuruu Dambichaa fi Qajeelfama kana keessatti tumame kabajuu yoo baatan lafa kennameef itti fayyadamuu akka fedhii hinqabnetti ilaalamee Ejensiin waliigaltee addaan kutee laficha deebisee baankii lafaatti galchee misooma birootiif akka oolu ni taasisa;
7. Dhaabbilee miti mootummaa lafti ramaddii liiziitiin kennameef yeroo waliigaltee misoomaa fi gargaarsa isaanii xumuran, ijaarsaa iddicha irra qubatee fi waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa isaanii, qaama waraqaa ragaa kenneefitti deebisuuf dirqama qabu.

Kutaa Shan

Gatii fi Haala Kaffaltii Liizii

Gatii fi haalli kafaltiin liizii itti raawwatamu akkataa Dambicha keewwata 32-36 jalatti tumameen ta’ee, tarreeffamni isaa qajeelfama kanaan kan raawwatamu ta’a.

38. Kaffaltii Liizii Duraa

1. Qabiyyee calbaasiidhaan fudhatame irratti hangi kaffaltii duraa akka ulaagaa dorgamitti fudhatame dursee kan kaffalamu ta’a
2. Bu’uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin kaffaltiin duraa %10 fi isaa ol dhiyaatu akka ulaagaa dorgommiitti ni fudhatama.
3. Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 irratti kan tumame akkuma eegametti ta’ee, kaffaltiin duraa akka ulaagaa dorgommii caalbaasii liiziittti bakka hin ibsamnetti kaffaltiin duraa lafa tajaajiloota adda addaa akka armaan gadii ta’a.
   a. Mana jireenyaaf dhibbeentaa 10
   b. Tajaajila hawaasummaaf dhibbentaa 10
   c. Industiriif dhibbentaa 10
   d. Daldalaaf dhibbentaa 15
   e. Kan biroof dhibbentaa 10
4. Lafa ramaddii liiziitiin kennamee yoo ta’e
   a. Manneen jireenya waliinii ykn wal gargaarsaa yoo ta’e, kaffaltiin duraa hin gaafatamu.
   b. Industirii manufakchiringi dhibbeentaa 10
   c. Imbaasotaa fi dhaabbilee idil-addunyaaf dhibbeentaa 10
   d. Pirojektoota faayidaa adda biyyoolessummaa fi naannoo qabaniif dhibbeentaa 10 akka kaffalan ta’a.

39. Yeroo Kaffaltiin Itti Xumuramuu fi Jajjabeessituu

1. Namni lafa liiziin fudhate kaffaltii duraa erga raawwatee booda kaffaltii liizii hafe haala armaan gadiitiin kaffala.
   a. Mana jireenyaatiif hanga waggaa 60
   b. Industiriif hanga waggaa 40
   c. Dhaabbilee barnootaa hanga waggaa 40
   d. Hoteeloota hanga waggaa 40
   e. Hospitaalaaf hanga waggaa 40
   f. Riil isteetii hanga waggaa 40
   g. Kan biroo hanga waggaa 40
2. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, namni waliigaltee liizii raawwate, guyyaa waliigaltee mallatteesse irraa eegalee:
   a. Hanga waggaa 5tti kaffalee yoo xumure kaffaltii waliigalaa irraa %10;
   b. Hanga waggaa 10tti kaffalee yoo xumure kaffaltii walii galaa irraa %7.5;
   c. Hanga waggaa 15tti kaffalee yoo xumure kaffaltii walii galaa irraa %5;
   d. Hanga waggaa 20tti kaffalee yoo xumure kaffaltii walii galaa irraa %3;
   e. Hanga waggaa 25tti kaffalee yoo xumure kaffaltii hafe irraa %2 ni hir'ifamaaf.

40. Haala Kafaltiin Liizii Itti Raawwatu

1. Haalli kafaltiin itti raawwatamu bu'uura Dambichaa keewwata 34(5-8)tiin ta'ee, kafaltiin duraa raawwatamee kafaltii liizii hafu bara kafaltii liiziitiif walqixa qoodamee waggaa waggaadhan ni kafalama.
2. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, kafaltii waggaa waggaan kafalamu irratti bu'uura shalaggii Baankii Daldala Itoophiyaatiin dhalli ni kafalama.

41. Yeroo Haara Galfannaa

Bu’uura Dambicha keewwata 36tiin yeroon haara galfannaa gosa tajaajilootaa fi pirojektootaa bu’ura godhachuun akka armaan gadiitti eeyyamamuu ni danda’a.

1. Mana jireenyaaf waggaa 2
2. Dameewwan agiroo pirosesingiif
   a. Pirojektii bu’aa beeyladaa qindeessuuf waggaa 2
   b. Pirojektii midhaan dheedhii qindeessuuf waggaa 2
   c. Piroojektii urgooftuu adda addaa qindeessuuf waggaa 1
   d. Kan biroof waggaa 2
3. Piroojektoota riil-isteetii gurguddoof waggaa 2
4. Dame barnootaaf
   a. Piroojektoota kolleejjota teeknikaa fi oggummaa waggaa 2
   b. Piroojektoota yuniversitiif waggaa 4
5. Damee faayyaatiif
   a. Piroojektii kiliinka ol’aanaaf waggaa 2
   b. Piroojektii hospitaala gidduu galaaf waggaa 3
   c. Piroojektii hospitaala gudda fi hospitaala rifaraaliif waggaa 4
6. Damee hoteelaa fi tuurizimiitiif
   a. Hoteelota abbaa urjii 4 tiif waggaa 4
   b. Hoteelota abbaa urjii 4 gadi jiraniif waggaa 2
7. Industirii maanufakcharingiif
   a. Industiriiwwan maashiinoota gurguddaa omishaniif waggaa 4
   b. Industiriiwwan keemikaala omishaniif waggaa 4
   c. Industiriiwwan huccuu omishaniif Waggaa 4
   d. Industiriiwwan simintoo omishaniif Waggaa 4

e. Industiriiwwan qorichaa omiisha tajaajila mana yaalaaf omishaniif wagga 4

f. Industirii xaa'oo omishuuf waggaa 4

g. Industiriiwwan gurguddoo biroof waggaa 4

8. Dameewwaan daldalaa kanneen birootiif waggaa 2
9. Yeroon haara galfannaa gosa pirojektootaa keewwata kana keewwata xiqqaa 4 hanga 7tti tarreeffamaniif hojirraa kan ooluu istaandaardii qaamni ol'aanaa piroojektoota kanaaf baasuu irratti hundaa'uun ta'a.

42. Kaffaltii Liizii Kuufame Sassaabuu

Kafaltiin liizii kuufame kan sassaabamu akkataa Dambicha keewwata 35(1-15)tiin ta'a.

Kutaa Jaha

Sadarkaalee Ijaarsaa, Ijaarsa Jalqabuu fi Xumuruu

43. Sadarkaalee Ijaarsaa

Akkataa Dambicha keewwata 37 tiin sadarkaaleen ijaarsaa xiqqaa, giddugaleessaa fi ol aanaa jedhamee kan qoodamanu ta'a.

44. Ijaarsa Jalqabuu

Yeroon ijaarsi itti jalqabuu qabu akkataa Dambicha keewwata 38tiin ta'ee, daangaan yeroo ijaarsa itti jalqabuuf taa'ee keessatti rakkoo humnaa ol ta'een namni ijaarsa hinjalqabne sababoota armaan gadiitiin ta'uun yoo mirkanaa'e yeroo ijaarsaa dheeressuufiin ni danda'a.

1. Lafa irratti falmiin ka'ee dhorki mana murtii yoo jiraate;

2. Qaamni caalbaasii baase iddicha bilisa godhee dabarsuu yoo hin dandeenye
3. Waliigaltee fudhataa hubamni qaamaa fi sammuu yoo qunnamee, kunis dhaabbata seera qabeessa ta’e irraa ragaa ogeessa fayyaatiin yoo mirkanaa’e
4. Waliigaltee fudhataan to’annoo seeraa jala yoo oole
5. Waliigaltee fudhataan kan du’e ta’ee, dhaaltonni kana mirkaneessuuf yeroo kan itti fudhatee fi
6. Kan seera hariiroo hawaasaa keessatti ibsamani dha.

45. Qabiyyeewwan Yeroon Ijaarsaa Itti Jalqabamu Irra Darbe

1. Namni liiziin lafti eeyyamameef yeroon ijaarsi itti jalqabamuu qabu jalaa darbe kan Dambicha keewwata 40 jalatti tumame kan irratti raawwatu ta’a.
2. Ejensiin namoota liiziin lafti eeyyamameef yeroon ijaarsi itti jalqabamuu osoo hinxumuramin hordoffii gaggeessuun ijaarsa akka jalqaban ofeeggannoo kennuu qaba.
3. Namni ijaarsa hinjalqabin hafuu isaatiin of eeggannoon kennameef Ejensiitti dhiyaatee sababa ijaarsa hin jalqabneef, fulduratti ijaarsicha jalqaabuuf qophii fi humna qabu, daangaan yeroo ijaarsi itti jalqabamuu qabuu osoo hinxumuramin yeroo hanga ji’a tokkoo keessatti barreeffamaan dhiyeessuu qaba.
4. Gaaffi yeroon naaf haa dabalamuu dhiyaate fudhatama kan hin argannee yoo ta’e murtee kenname irratti komii isaa koree kantiibaa magaalichaatif, yookiin magaalaa koree kantiibaa hinqabne keessatti kantiibaa magaalaatti barreeffamaan dhiyeeffachuu ni danda’a. Ta’us, murteen oliyyataa guyyaan ijaarsa jalqabuu erga xumurame booda kenname fudhatama hinqabu.
5. Namni, akkataa keewwata kana keewwata xiqqaa 4tiin komii isaa koree kantiibaa yookiin kantiibaa magaalaatti dhiyeeffate

hanga yeroon ijaarsa xumuruuf taa’e dhumuti mirga qabiyyee liizii isaa dabarsuu hindhorkamu.

6. Namni ijaarsa hinjalqabin hafuu isaatiin of eeggannoon kennameefii dhiyaatee yeroo dabalataa osoo hingaafatin yeroon ijaarsa jalqabuu yoo xumrame, yookiin yeroon dabalataa kennameef keessatti ijaarsa kan hin jalqabne yoo ta’e, yookiin gaaffi yeroon naaf haa dabalamuu dhiyeeffatee fudhatama argachuu dhabuu isaatiin yeroon ijaarsi itti jalqabamu yoo irra darbe Ejensiin waligalticha addaan kutuu ni danda’a.
7. Namni ofeegganno kennameef irratti iyyata dhiyeeffatee iyyati isaa fudhatama hinarganne, yookiin qaamni guyyaa hojii 10 kennameef keessatti dhiyaatee sababa isaa hin ibsine waliigalteen addaan cituun dura Ejensiitti iyyata yeroon mirga liizii isaa dabarsuuf yookiin komii itti dhiyeeffatu qofaa naaf haa kennamu jedhee barreeffamaa gaafachuu ni danda’a. Ejensiinis gaaffichi amansiisaa taanaan eeyyamuufii ni danda’a.
8. Yeroon dabalataa kennamu kan guyyoota 45 hin caallee ta’ee, Ejensiin hanga guyyoota 45 kenneef kaffaltii liizii waliigalaa irraa ji’aan kaffaltii addabbii %2 herreeguun gaafachuu ni danda’a. Ta’us komii kaffaltii dhiyaatee yeroo hanga murteen itti kennameetti kan ilaalu hin ta’u.

46. Ijaarsa Xumuruu

Yeroon ijaarsi itti xumuramuu qabu akkataa Dambicha keewwata 39 jalatti tumameen ta’a.

47. Qabiyyee Yeroon Ijaarsa Xumuruu Irra Darbe

Kan Dambicha keewwata 41 jalatti tumame nama lafti liiziin kennameefii osoo ijarrsa hinxumuriin yeroon ijaarsa xumuruu itti darbe irratti raawwatiinsa kan qabaatu ta’ee:

1. Namni lafti liiziin kennameefii osoo ijarrsa hinxumuriin yeroon ijaarsa xumuruu itti darbeef akkaataa waamicha taasifameefiitiin guyyoota hojii 10 keessatti iyyatee, gaaffiin isaa fudhatama hin argannee, mirgii liizii isaa dabarsuuf yookiin komii isaa dhiyeeffachuuf yoo gaafate yeroon dabalataa kennuuf ni danda'a.
2. Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin yeroo daangaa kennameef keessatti murteen waliigaltichaa itti fufsiisuu kan hin kennamnee fi mirga liizii kan hin dabarsine yoo ta'e, Ejensiin waliigalticha addaan kutee bu'uura labsichaa keewwata 23 keewwata xiqqaa 7 tiin kan raawwatu ta'a.
3. Bu'uura labsichaa keewwata 23 keewwata xiqqaa 7 tiin abbaan qabiyyee caalbaasicha dorgomee mo'ateef maqaan ni darbaaf. Ejensii waliinis waliigaltee haaraa ni raawwata.Yeroo raawwii ijarsaa ilaalchisee sadarkaan ijaarsi irra jiru ilaalame hojii hafeef yeroon barbaachisu ogeessaan qoratamee fi qaama dhimmi ilaaluun barbaachisummaan isaa itti amanameen kennamaaf.

Kutaa Torba

Jijjirraa Gosa Projektii

48. Haala Gaffiin Jijjiirraa Gosa Projektii Itti Simatamuu fi Keessummaa'u

Jijjiirraa gosa projektii ilaalchisee kan Dambicha keewwata 42 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, gaaffiin jijjiirraa gosa projektii dhiyaatu tumaalee armaan gadii irratti hundaa'uun kan raawwatamu ta'a.

1. Gaffiin Jijjiirraa Gosa Projektii

Qaamni jijjiirraa gosa projektii gaafatu sanadoota dhiheeffachuu qabu:

a. Eeyyama daldalaa yookiin eeyyama hojii yookiin eeyyama investimentii;
b. Murtii lafaa duraanii ittiin lafichi kennameef
c. Waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa duraan kennameef;
d. Lafa liiziin kenname yoo ta’e waliigaltee liizii, lafa kiraan kenname yoo ta’e, waliigaltee kiraa;
e. Iyyata gaaffiin jijjiirraa gosa projektii;
f. Tarreeffama qorannoo projektii jijjiirraan gaafatameef;
g. Ragaa kaffaltii gibiraa yookiin liizii kan bara gaaffiin itti dhiyaatee yookiin kan bara gaaffiin itti dhiyaateetti aanee jiruu;
h. Lafa jijjiirraan gosa projektii irratti gaafatame irratti ijaarsi jalqabamuu fi jalqabamuu dhabuu bulchiinsa magaalaa irraa;
i. Bulchiinsa magaalaa irraa lafa jijjiirraan gosa projektii irratti gaafatame irratti ijaarsi yoo jiraate sadarkaa irra jiru dhibbeentaadhaan;
j. Akkataa waliigaltee duraatiin guyyaa ijaarsi itti jalqabamuu fi xumuramuu qabu bulchiinsa magaalaa irraa dhiyeeffachuu qaba.
k. Dhorkaa mana murii, baankii fi idaa irraa bilisa ta’uu isaa

2. Gosa Projektii Jijjiirraan Eeyyamamuuf

Gaaffiin jijjiirraan gosa projektii ulaagaalee keewwata kana keewwata xiqqaa 1 guutee dhiyaate, pilaanii itti fayyadama lafa magaalaa waliin kan wal simu yoo ta’ee gosoota jijjiirraa armaan gaditti a-c tti tarreeffaman qofaa irratti eeyyamamuu ni danda’a.

a. Tajaajilaa irraa gara tajaajilaa fooyya’aa birootti;

b. Tajaajila irraa gara maanifaakchariingii tajaajili isaa fooyya’aa ta’eetti;
c. Maanifaakchariingii irraa gara maanifaakchariingii fooyya’atti;

3. Ulaagaa Jijjiirraa Gosa Projektii
   a. Jijjiirraan gosa projektii osoo ijaarsi hin jalqabamin ykn ijaarsi kan jalqabame yo ta’es, sadarkaa ijaarsaa kam irrattuu eeyyamamuu ni danda’a.
   b. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa “a” irraatti tumame akkuma jirutti ta’ee, jijjiirraa projektii gaafatame yeroo waliigaltee projektii duraanii keessatti ijaarsa jalqabuu fi xumuruuf kaayame fooyyessuu hindanda’u.
   c. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa “b” irraatti tumame akkuma jirutti ta’ee, yeroon ijaarsa jalqabuu fi xumuruu pirojektii jijjiirraan irratti gaafatamee kan pirojektii duraa kan caalu yoo ta’e, garaagarummaan yeroo jiruu kan duraa irratti ni ida’maaf
   d. Jijjiirraan gosa projektii gaafatame kan eeyyamamu akkataa dambii Istaandardii Lafa Projektii Investimentii fi Tajaajila Adda Addaatiif Oolu Murteessuuf baheetiin raawwatamuu qaba.
4. Jijjiirraan gosa projektii yeroo eeyyamamu, bu’uura waliigaltee duraan seenameeetiin waliigalteen haaraan ni mallataa’a.
5. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 4 jalatti tumame akkuma jirutti ta’ee, bara baaxii liizii fi kafaltii liizii waliigalteen duraanii fi kan jijjiirraan gosa projektii itti gaafatamaa jiruu gidduu walcaalmaan yoo jiraate, bara baaxii liizii gadi aanaa fi kafaltii liizii olaanaa fudhachuun waliigaltee haaraan ni raawwatama.
6. Gaaffiin jijjiirraa gosa projektii dhiyaate, jijjirra pilaanii itti fayyadama lafaa yookiin zooniingii kan barbaadu yoo ta’e,

gaaffiin jijjiirraa pilaanii duursee qaama dhimmi ilaaluuf dhiyaatee fudhatama argachuu qaba.

7. Gaaffiin jijjiirraa gosa projektii dhiyaate guyyoota hojii 30 keessatti murtii argachuu qaba.
8. Gaaffiin jijjiirraa gosa projektii kan eeyyamamu qaama seeraan yookaan bakka bu'iinsaan aangoon kennameef qofaadhaan ta'a.

Kutaa Saddeet

Mirga Liizii Dabarsuu, Wabummaan Qabsiisuu fi Akka kaappitaalaatti Fayyadamuu

49. Mirga Liizii Lafa Ijaarsi Irratti Hin Jalqabamne Dabarsuu

Mirgi liizii lafa ijaarsi irra hinqubanne qaama sadaffaaf darbu akkataa Dambicha keewwata 45tiin kan raawwatu ta'a.

50. Mirga Liizii Lafa Ijaarsi Walakkaa Gadii Irra Qubate Dabarsuu

Mirgi liizii lafa ijaarsi walakkaa gadi irra qubate qaama sadaffaaf darbu akkataa Dambicha keewwata 46tiin kan raawwatu ta'ee;

1. Lafti ijaarsi walakkaa gadi irra qubate akkataa Dambichaatiin qaama sadaffaaf yoo darbu, barri kafaltii liizii waliigaltee haaraa bitataa waliin taasifamuu bara kafaltii liizii abbaan qabiyyee duraa kafalee xumuramuuf isa hafe qofa ta'a.
2. Tilmaamni ijaarsaa kan raawwatamu ogeeyyii ijaarsicha tilmaamuuf dandeetti qabuun kan tilmaamamu ta'ee, dizaayinii, gabatee tilmaama gatii ijaarsaa fi tilmaama gatii gabaa yeroo sanaa gidduugaleessa gochuun kan hojjatamu ta'a.
3. Abbaan qabiyyee duraanii tilmaamicha irratti yoo walii hin galle Ejensiin qaama sadaffaa tilmaama geggeessu moggaasuu ni danda'a, baasiwwan hojii tilmaamaa wajjin walqabatanii

bahan yoo jiraatan gurgurtaa irraa akka hir'ifaman ni godhama.

4. Tilmaama qaamni sadaffaan dhiyeessee fi Ejensii gidduutti garaagarummaan hanga %10 ta'u yoo uumame tilmaamni inni guddaan ni fudhatama. Haa ta'u malee, garaagarummaan argame %10 ol yoo ta'e qaamoleen tilmaama dhiyeessan lamaan waliin ta'uun tilmaamanii kan dhiyeessaniin gatiin tilmaamichaa ni murta'a. Kunis Ejensiif dhiyaatee mirkanaa'uu qaba.

51. Dhorkaawwan Mirga Liizii Dabarsuu Irratti Kaa'aman

Mirgi liizii lafa ijaarsi irratti hinxumuramin qaama sadaffaaf darbu akkataa Labsichaa keewwata 24(7) fi Dambicha keewwata 47tiin kan raawwatamu ta'a.

52. Gatii Mirgi Liizii Ittiin Gurguramu

Mirgi liizii lafaa qaama sadaffaatti yoo gurguramuu gatiin ittiin gurguramu akkataa Dambicha keewwata 48tiin kan raawwatamu ta'ee, abbaan mirga liizii kamiiyyuu lafa ijaarsi irraa hin qubatin yookiin lafa ijaarsi walakkaa gadi irratti raawwate gara qaama 3ffaatti yemmuu dabarsu/gurguruu/ gatii mirgichi ittiin darbu Ejensiin kan murtaa'u ta'a.

53. Miraga lafa liizii ijaarsi irratti hin raawwatamin wabummaan qabsiisuu yookiin akka kaapitaalatti fayyadamuu ilaalchisee akkataa Dambicha keewwata 49 fi 50tiin kan rawwatamu ta'a.

Kutaa Sagal
Lafa Tajaajila Yeroo Gabaabaatiif Kiraa Liiziin Hin Heyyamamne

54. Lafa Tajaajila Yeroo Gabaabaaf Kiraa Liiziin Heyyamamu

1. Lafa yeroo gabaabaaf liiziin kennamu akkataa Dambicha keewwata 27tiin kan raawwatamu ta'ee,

2. Ejensiin lafa yeroo gabaabaaf kiraa liiziitiin kennamu danda'an karooraan qabatee bal'ina lafaa, teessoo fi tajaajila inni ooluuf adda baasee uummataaf beeksisuu qaba.

55. Lafa Yeroo Gabaabaaf Kiraa Liiziin Hin Heyyamamne

1. Lafa pilaaniin misooma naannoo /Local Development Plan/ qoratameef yookiin hin qoratamneef yeroo waggaa 5 dhufu keesatti misoomaaf karoori itti qabame.
2. Dhaabbilee tajaajila hawaasummaaf kan daangeffaman
3. Iddoo duwwaa yookiin ispoortiidhaf kan qabame;

56. Gaaffii fi Kenna Lafa Yeroo Gabaaba

1. Gaaffiin lafaa gaafatame tajaajila maaliif akka barbaadame fi yeroo tajaajila ijaarsichaa yookiin istiraakcheri bifa meeshaa itti fayyadamu fi dizaayinii, hojii sadarkaan duraa gaafatu bal'ina lafaa fi teessoo kan hammatu ta'ee,
   a. Gaaffichi qaama intarpiraayizoota maayikiroo fi xixiqqaa gurmeessuuf aangoo qabu irraa kan dhiyaatu yoo ta'e gurmaa'insi intarpiraayizootaa haala seera qabeessummaa isaanii ibsuun laftii ijaarsa sheedii omishaa fi gurgurtaaf barbaachisu karooraan akka qabamuuf gaaffichi dursee dhiyaachuu qaba.
   b. Lafti kan barbadame dhakaa baasuu fi kan kana fakkaataniif yoo ta'e, gaafataan heyyaama barbachisaa kan qabu fi hojii irratti bobba'uuf barbaachisummaan isaa kan itti amaname, akkasumas lafti gaafatame tajaajilaa barbaadameef kan oluu danda'u ta'un isaa kara itti gafatamaa dhabbaata damee sana gaggeessuun mirkanaa'u qaba.
   c. Gaaffiin dhiyaate tajaajila qonna magaalaaf yoo ta'e, itti gafatamaa dhaabbata dame qonnaa gaggeessuun bu'a qabeessummaan projektichaa fi lafti gafataame sun tajaajila sanaaf ooluu kan danda'u ta'uun isaa mirkanaa'u qaba.

d. Gaaffiin maashina konstiraakishinii fi meeshaalee xixiqqaa ijaarsaa kaa'uuf yoo ta'e, seeraa qabeessummaa qaama iddicha gaafatee fi barbaachisummaan gaaffii qaama ilaaluun mirkanaa'ee dhiyaachuu qaba.
e. Gaaffiin gabatee beeksisaa fi kanneen kana fakkaataniif yoo ta'e, barbaachisummaa beeksisichaa qaama dhimmi ilaaluun mirkanaa'u qaba.

2. Lafa tajaajila yeroo gabaabaaf gaafatamee waggaa 5 keessatti hojii misooma kamiifuu kan hin barbaachifne ta'uun isaa Ejensiidhaan mirkanaa'u qaba.
3. Gaaffileen lafa tajaajila yeroo gababaaf koree kantiibaatiin yookiin maneejimentiin mana qopheessaatiin kan murtaa'u ta'a.

57. Waliigaltee Lafa Tajaajila Yeroo Gabaabaa

1. Ejensiin qaboo yaa'ii murtee lafaa bu'ura gochuun walii galtee ni raawwata.
2. Qabiyyeen waliigaltichaa qaboo yaa'icha ka'umsa godhachuun mirgaa fi dirqama waliigaltee fudhataa fi waliigaltee kennaa kan hammate ta'uu qaba.
3. Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumamee akkuma jirutti ta'ee, waliigalteen dhagaa baasuuf raawwatamu lafa waliigalteen irratti taasifame biyyoo guutuudhaan haala duraan tureetti sirreessuu kan dabalatu ta'a.
4. Waliigaltee fudhataan waliigalticha erga mallatteessee booda yeroo murtaa'ee sanaaf akka itti fayyadamuu danda'u waraqaan ragaa qophaa'ee ni kennamaaf.
5. Waliigaltee fudhataan iddicha kaayyoo eeyyamameef qofaaf oolchuu kan qabu yoo ta'u, lafa itti fayyadameef kaffaltii kiraa liizii irraa barbaadamu kaffaluu qaba.
6. Ejensiin hordoffiif akka gargaaruu galmee sanada lafa kiraa liizii yeroof kennamuu gurmeessu qaba.

58. Hordoffii, Waliigaltee Haaroomsuu fi Addaan Kutuu

1. Ejensiin bu’uura waliigalteetiin lafa yeroof darbe sirnaan faayidaa irra ooluu fi waliigaltee fudhataan ala qaama biroof kan hin dabarree ta’uu isaa hordoffii gochuu qaba, bu’uura waliigaltichaatiin kan hin raawwannee yoo ta’ee, waliigaltee addaan kutee laficha deebisee baankii lafaatti galchee misooma birootiif akka oolu ni taasisa;

2. Ejensiin barrii waliigaltee dhumuuf waggaa tokko hanga ji’a jahaa yoo hafu waligaltee fudhataaf xalayaan of-eeggannoo duraa ni qaqqabsiisa.

3. Waliigaltee fudhataan xalayaa of-eeggannoo isa qaqqabee ka’umsa gochuudhaan, iddicha waggoota dabalataa 5f fayyadamuu yoo barbaade gaaffii isaa qaama dura eeyyameef dhiyeesse fudhatama yoo argate, waraqaa ragaa duraan ture akka deebii’uu ta’ee, waliigaltee haaromsuudhaan waraqaan ragaa fayyadamummaa haaraan ni kennamaaf.

4. Barrii waliigaltee yoo raawwatee, gaaffiin waliigaltee haaromsuu yoo hindhiyaanne yookiin yoo hineeyyamamne waliigaltee fudhataan iddicha yeroo ji’a sadii keessatti akka deebisuu ni taasifama, iddichis inveentarii lafaa irratti nama kamiinuu kan hin qabamne jedhamee galmaa’ee waraqaan ragaa duraa akka haqamuu ni ta’a.

Kutaa Kudhan

Qabiyyee Durii fi Qabiyyee Seeraan Alaa Sirna Liiziitiin Bulchuu

59. Qabiyyee Durii Qaama Sadaffaatti Darbu Sirna Liiziin Bulchuu

1. Qabiyyeen durii dhaalaan ala haala kamiinu qaama sadaffaatti kan darbu bu’uraa dambii keewwata 10 tiin ta’ee,:-

a. Murteen bara liizii kan murtaa'u bu'uura tajaajilaa iddichaa waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa irratti ibsameetiin ta'a,
b. Tajaajilli iddichaa ifatti kan hin teenyee yoo ta'ee, pilaanii waliin wal-simuun ilaalame, bitataan yoo fedhii qabaate walii-galtee ni raawwata.

2. Namni qabiyyeen darbeef ji'a sadii keessatti Ejensii biratti dhiyaatee walii-galtee raawwachuu qaba.
3. Namni qabiyyeen darbeef yeroo ji'a sadii keessatti dhiyaatee walii-galtee kan hin raawwane yoo ta'e, barrii liizii lakkaa'amu kan jalqabu yeroo gurgurtaan raawwatee irraa jalqabee ta'a; ta'us waliigaltee fudhaataan sababa humnaa olitiin osoo hin dhiyaatiin kan haafee yoo ta'e fi sababa amansiisaa ta'u isaa ragaa gahaa dhiyeesseen yoo mirkana'ee, bu'ura keewwata kana keewwata xiqqaa 2tiin ni raawwata.
4. Qabiyyeen durii dhaalan alaa qaama sadaffaaf yoo darbee, walii-galteen kan raawwatamuu bu'ura lafa waraqaa raga abbaa qabiyyummaa irratti ibsameen ta'ee, bal'inni lafaa safaramee argame kan waraqaa raga abbaa qabiyyummaa irratti argame yoo caalee bu'uraa seera qoqodinsa sirreessuuf bahuun kan raawwatu ta'a.
5. Abbaan qabiyyee durii, pilaaniidhaan itti fayyadami qabiyyee isaa jijjiirame, akkataa pilaanii itti fayyadama lafaatiin qabiyyee isaa liiziin misoomsuuf mirga duraa ni qaba.
6. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 5 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, abbaan qabiyyee durii lafa isaa akkataa pilaaniitiin akka misoomsu eeyyamameef gatii ka'umsa liizii naannoo qabiyyichi itti argamuu kafaluuf fedhii yoo qabaate fi kafaluuf waliigaltee seene qofaadha.

60. Koree Qabiyyee Seeraan Alaa Hordofuu fi Gahe Hojii Isaa

Aangoo Labsii Lakkoofsa 179/2005 keewwata 8(23) jalatti tumame raawwacchuuf koreen qabiyyee fi ijaarsa seeraan alaa hordofu fi

qulqulleessuu sadarkaa magaalaa fi gandaatti Ejensiidhaan ni hundeeffama.

1. Miseensoota koree

   Sadarkaa bulchiinsa magaalaatti

   a. Itti gaafatamaan Ejensii ---------- walitti qaba
   b. Gaggeessaan Adeemsa Hojii hordoffii fi raawwiin pilaanii isa ilaallatu/ bakka adeemsichi hin jirretti raawwataa dhimmi ilaalu -------barreessaa
   c. Raawwataa dhimmi ilaallatu ---------- miseensa

   Sadarkaa bulchiinsa ganda magaalaa hundatti

   a. Bulchaa gandaa ---------- walitti qabaa
   b. Maanaajara gandaa ----------barreessaa fi miseensa
   c. Hojjataa Ejensii/bakka bu'aa gaggeessaa Ejensii magaalaa ---------- miseensa

2. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, baay'inni miseensota koree hanga nama shanii ta'uu ni danda'a.

3. Gahee Hojii Koree Qabiyyee fi Ijaarsa Seeraan Alaa Hordofuu

   a. Korichi ijaarsawwan seeraan alaa magaalaa keessaa fi daangaa magaalaa fi baadiyyaa gidduutti gaggeeffamu ni hordofaa, ni qulqulleessaa, maneejimentii Ejensiitti, magaala Ejensiin maneejimentii hinqabne keessatti kantibaa magaatlaatiif ni dhiyeessa;
   b. Qabiyyee fi ijaarsa seeraan alaa dambichi bahuun dura magaalaa/ganda keessatti qabamanii ijaarsi irratti gaggeeffame kamiyyuu galmaa'uu isaa ni hordofa;
   c. Koreen ragaa qabiyyee fi ijaarsa seeraan alaa galmaa'an ni qindeessa, ni gurmeessa, ni xinxaala;

d. Koreen qabiyyee fi ijaarsa seeraan alaa akkaataa ulaagaalee dambii fi qajeelfama kanaan tumamanin qabiyyeewwan seera qabeessa ta'uu danda'anii fi diigamuu qaban ragaalee qindeessuun adda baasee yaada murtee wajjin maneejimentii Ejensiif magaalaatiif, magaala Ejensiin maneejimentii hinqabne keessatti kantibaa magaatlaatiif ni dhiyeessa;
e. Koreen sadarkaa bulchiinsa magaalaatti dhaabbatee deeggarsa ogummaa barbaachisaa ta'e koree sadarkaa gandaatiif ni taasisa.

61. Koree Seera Kabachiisaa fi Gahee Hojii Isaa

Aangoo Labsii Lakkoofsa 179/2005 keewwata 8(23) jalatti tumame raawwacchuuf koreen qabiyyee fi ijaarsa seeraan alaa irratti tarkaanfii seera qabeessa fudhatu fi seera kabachiisu Ejensicha keessatti ni hundeeffama.

1. Miseensootni koree

Itti waamamni koree seera kabachiisaa hoogganaa Ejensii sadarkaa sadarkaan jiruuf ta'ee;

Sadarkaa Magaalaattii

a. Adeemsa Hojii Hordoffii fi Kabachiisa Seeraa -------walitti qabaa;
b. Gaggeessaan Adeemsa Hojii hordoffii fi raawwiin pilaanii isa ilaallatu/ bakka adeemsichi hijirretti raawwataa dhimmi ilaalu ----barreessaa;
c. Bakka bu'aa waajjira poolisii irraa …….. miseensa nama tokko ni qabaata.

Sadarkaa bulchiinsa ganda magaalaa hundatti

a. Bulchaa gandaa ---------- walitti qabaa

b. Maanaajara gandaa ----------barreessaa fi miseensa;

c. Hojjataa Ejensii/bakka bu’aa gaggeessaa Ejensii magaalaa--------miseensa

2. Gahee Hojii Koree Seera Kabachiisaa

a. Maneejimentii Ejensii magaalaatiin, magaala Ejensiin maneejimentii hinqabne keessatti ammoo manaajimentii mana qopheesaatiin ijaarsa seeraan akka diigamu murtaa’e ni raawwachisa.
b. Ijaarsa seeraan alaa diigamuuf maallaqa, humna namaa fi loojistiikii barbaachisu karoorsee Ejensiitti, bakka Ejensiin hin jirretti ammoo mana qopheessaatif dhiyeessee ni heyyamsiisa.
c. Ijaarsa seeraan alaa akka diigamu murtaa’e namni ijaarsicha gaggeesse qabeenya qabiyyicha irra jiru guyyaa 7 keessatti akka kaafatu xalayaan akeekkachiisa Ejensiidhaan barreeffame harkatti ni qaqqabsisa yookiin ijaarsa raawwatamee irratti ni maxxansa.
d. Namni ijaarsa seeraan alaa gaggeesse yeroo kennameef keessatti qabeenya isaa yoo kaafachuu baate Ejensiin humna ijaarsicha diigu kontoraataan qaxaree qabeenyicha diigsisee bakka eegumsa qabutti ni kuusa.
e. Abbaan qabeenya diigamee guyyoota hojii 5 keessatti dhiyaatee baasii Ejensiin diigsisuu, guursisuu, eegsisuu fi baasii biroo dhimma kana raawwachiisuuf baase kafalee qabeenya isaa deebisee fudhachuuf mirga qaba.
f. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 2(e) jalatti tumame akkuma jirutti ta’ee, abbaan qabeenya diigamee guyyoota hojii 5 keessatti dhiyaatee iyyachuu yoo baate Ejensiin qabeenya ijaarsicha irraa diigame caalbaasii ifaan gurgure baasii isaa deeffachuuf mirga qaba.
g. Maallaqi baasii Ejensii irraa hafe mootummaaf galii ta’uu qaba;

h. Hojii kennameef raawwachuu isaa, rakkoowwan qunnamanii fi tooftaa itti fayyadame adda baasee gabaasa Ejensiif ni dhiyeessa.

i. Yeroo ijaarsa seeraan alaa namni keessa jiru akka diigamu ta'u Koreen Seera Kabachiisaa of eeggannoo barbaachisaan taasifamuu isaa mirkaneeffachuu qaba.

j. Koreen seera kabachiisaa sadarkaa magaalaatti dhaabatee hojii koree seera kabachiisa sadarkaa bulchiinsa gandaa ol'aantummaan ni hooggana, ni gamaaggama, kallattii ni kaa'a, deeggarsa barbaachisaa ta'e ni kenna.

62. Qabiyyewwan Seeraan Alaa Qabaman Seera Qabeessa Gochuu.

1. Tarkaanfiin qabiyyeewwaanii fi ijaarsa seeraan alaa irratti fudhatamu akkataa Dambicha keewwata 9 jalatti tumameen kan raawwatamu ta'a.
2. Ijaarsi qabiyyee seeraan alaa irratti geggeeffame kamiyyuu pilaanii magaalaa waliin kan wal hin sime taanaan seera qabeessa hin taasifamu, ni digama.
3. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, ijaarsi osoo dambiin hinbahin dura raawwatame lakkawamee erga adda bahee booda murtii addaatiif mana mareetti kan dhiyaatu ta'a.
4. Qabiyyee seeraan alaa magaalaa pilaanii hin qabne keessatti qabame hanga magaalichaaf pilaaniin hojjatamufitti galmaa'ee kan turu ta'a.
5. Akkataa keewwata keewwata xiqqaa 2 tiin ijaarsi qabiyyee seeraan alaa irratti geggeeffame fi kan pilaanii magaalaatiin walsimu isataandaardii pilaaniitiin eeyyamamuu gadi yoo ta'e, waliigaltee liizii guyyaa raawwatee kaasee waggaa tokko keessatti sagantaa hojii ijaarsa isaa akka dhiyeessu ni taasifama.

6. Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 4 jalatti tumameen yoo dhiyeessu baate qaamni dhimmi ilaaluu waliigaltichi haquuf mirga qaba.
7. Namni qabiyyeen seeraan alaa seera qabeessa taasifamuf, magaalicha keessaa mana yookiin lafa tajaajila walfakkaatuuf maqaa isaan yookiin maqaa haadha waraa/abbaa warraatiin hin qabneef qofa ta'a.
8. Namni qabiyyee seeraan alaa irratti ijaarsa geggeesse umriin isaa waaggaa 18 gadi taanaan seera qabeessa hin taasifamu.
9. Ijaarsi seeraan alaa seera qabeessa kan taasifamu yoo ta'e, bal'inni lafaa seera qabeessa taasifamu bal'ina lafaa gadi aanaa istaandaardii gosa tajaajilichaatiif taa'een ta'a.
10. Qabiyyee seeraan alaa lafa qabiyyee yeroo gabaabaaf kennamu irratti ijaarame kamiyyuu seera qabeessa hin taasifamu, ni diigama..
11. Keewwata kana keewwata xiqqaa 9 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, tajaajila qonna magaalaa kan qabame yoo ta'e,
    a. Pilaanii magaalaa waliin kan wal simu yoo ta'ee fi
    b. Akkataa daangaaa yeroo qajeelfama kana keessa taa'een waligalteen akka raawwatu ni ta'a.
12. Ijaarsa qabiyyeen seeraan alaa irra jiru seera qabeessa taasisuuf, namni qabiyyicha qabate ragaalee armaan gaditti tarreeffaman keessaa tokko dhiyeeffachuu qaba:
    a. Qabiyyichi kan isaa ta'uu bulchiinsa gandaatiin yoo mirkana'ee;
    b. Bittaan kan qabate yoo ta'e waliigaltee mandaraa yoo dhiyeeffate;
    c. Nagahee bishaanii yookiin ibsaa yookiin bilbilaa kan itti kaffalee yoo qabaate.

63. Qabiyyee Durii Waraqaa Ragaa Abbaa Qabiyyummaa Hin Qabneef Waraqaa Ragaa Abbaa Qabiyyummaa Kennuu

1. Ragaalee armaan gaditti tarreeffaman keessaa tokko dhiyaannaan qabiyyee tokko akka qabiyyee durii waraqaa abbaa qabeenyummaa hinqabneetti fudhachuun ni danda'ama:
   a. Waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa durii kan labsii lakk. 47/1967 dura kenname fi kan hindhaalamin;
   b. Ragaan qabiyyeen lafaa sun eeyyamamuu isaa agarsiisu galmee kuusaa isaa keessatti kan argamu yoo ta'e;
   c. Nagahee gibira bulchiinsa magaalaa yookiin ganda bulchiinsi magaalaa keessatti argamu irraa kenname;
   d. Nagahee mirriitii fi iddoo;
   e. Qabiyyichi labsii lakk. 47/1967 dura qabamuu isaatiif bulchiinsa gandaa irraa ragaa dhiyaatu yookaan galmee manichaa keessatti argamu;
   f. Murtii Mana Murtiitiin kenname;
   g. Ragaa qabiyyee lafaa sun osoo magaalaan qaama seerummaa hinargatin qabamuu isaa mirkaneessu, bulchiinsa gandaa irraa kan kenname.
2. Qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabneef waraqaa ragaa keennuun dura qabxiiwwan guutamuu qaban
   a. Qabiyyicha keessa manni labsii lakk.47/67dhaalame kan hin jirre ta'uun mirkannaa'u qaba;
   b. Abbaan qabiyyichaa ifaan beekamuu qaba;
   c. Namni dhaalaan yookiin bittaan mirga qabu ragaa qabatamaan mirkanaa'uu qaba.
   d. Daangaa fi tajaajjilli qabiyyichaa ifaan beekamuu qaba;
   e. Qabiyyicha irra ijaarsii yookiin manni jiraachuun isaa qulqullaa'uu qaba;
3. Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 fi 2 jalattii ibsameen qabiyyeen tajaajila mana jireenyaaf oolaa jiru hanga

kaaremeetira 500 kan eeyyamamu ta’ee, sirna kiraatiin kan bulu ta’a;

4. Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta’ee, qabiyyewwan tajaajila mana jireenyaaf oolaniif:
   a. Bal’inni lafa ol’aanaan kaaremeettra 500 ta’a,
   b. Bal’inni lafa gadi anaan kaaremeetira 105 dha,
5. Bal’inni lafa qabiyyichaa kaaremeetira 105 gadi yoo ta’e, qabiyyeen sun baankii ragaa lafaa mootummaatti deebi’ee, abbaa qabiyyeef lafti mana jireenyaaf oolu akkaataa istaandaardii kenna lafa mana jireenya magaalaatiin bakka biroodhaa kan kennamuuf ta’ee, qabeenya laficha irraa qabuuf beenyaan kan kaffalamu ta’a.
6. Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta’ee, kanneen qabiyyeen isaanii kaare meetira 500 gadi ta’eef bal’inuma lafaa qabatanii jiran irratti waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa ni kennamaaf;
7. Bal’inni lafaa qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hinqabne m2 500 ol jiru kan fudhatamu yoo ta’e, qabeenya qabiyyicha irra jiruuf beenyaan ni kaffalamaa.
8. Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta’ee, lafti kaaremeetira 500 ol jiru faayidaa biroof ooluu kan hin dandeenye yoo ta’e, gatii ka’umsa liiziitiin abbaa qabiyyichaatiif addatti kennamuufii ni danda’a.
9. Qabiyyee durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabne fi tajaajilli isaa mana jireenyaa fi dhaabbataaf (walmakaa) yoo ta’e, qabiyyee waliigalaa keessaa gosa tajaajilaa dhebbentaa shantamaa (%50) ol qabatetu gosa tajaajilaa lafichaa ta’ee fudhatama; ta’us pilaanii itti fayyadama lafa magaalaa faalleessuu hin qabu.
10. Qabiyyeewwan mana jireenyaatiin ala tajaajila biroof qabaman bu’uura dambichaa keewwata 8 keewwata xiqqaa 5

jalatti tumameen akkaataa istaandaardii gosa tajaajilichaaf gara fuuladuraa murtaa'uun kan raawwatamu ta'ee, sirna kiraatiin kan bulu ta'a.

11. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 hanga 8tti tumame akkuma jirutti ta'e, namni qabiyyee isaa waraqaa ragaa abbaa qabiyyumaa hin qabne akkaataa dambicha keewwata 8 fi keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin waraqaan ragaa abbaa qabiyyumaa keennameef, kiraa lafaa waraqaan ragaa abbaa qabiyyumaa keenamuufiin dura ture bara qabiyyichii qabamee kaasee kan herregamuu ta'ee guyyaa waraqaan ragaa kennameef irraa kaasee waggaa sadii keessatti kan kaffalamu ta'a.

12. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 11 jalatti tumame akkuma jirutti ta'e, kaffaltiiwwan biroo bittaa fi gurgurtaa qabiyyichaa waajjin walqabatee jiruu fi mootummaaf galii ta'uu qabu yoo jiraate abbaan qabiyyichaa waraqaan ragaa abbaa qabiyyumaa haaraa kennamuuf kan kaffalu ta'a.

64. Qabiyyee Lafaa Walitti Makuu fi Adda Qooduu

1. Qabiyyeewwaan durii walitti makamanu kan kiraan bulan, kan liizii fi kiraan bulan yookaan kan liiziin bulan ta'uu ni danda'u.
2. Qabiyyeewwaan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 irratti tarreeffaman akka waliitti makamuu gaaffiin dhiyaatee kan eeyyamamu:
   a. Qabiyyee kana dura qabame irratti waliigaltee fudhataan dirqama irraa barbaadamu raawwachuun isaa mirkana'uu qaba;
   b. Qabiyyee waliitti makuun akkata pilaanii magaalaa fi istaandaardii qoqqodinsaatiin fudhatama argachuun isaa Ejensiidhaan mirkanaa'uu qaba;

c. Qabiyyeewwaan lafaa akka waliti makaman gaaffiin irratti dhiyaate walcinaatti kan argamanii fi kan waldaangessan ta’uun mirkanaa’uu qaba.

3. Qabiyyeewwan durii fi kan liiziin bulan kan walitti makaman akkataa Dambicha keewwata 10 keewwata xiqqaa 8 jalatti tumameen ta’a.
4. Qabiyyeewwan walitti makaman bu’uraa bal’ina lafa waraqaa ragaa abbaa qabiyyee irratti ibsameen ta’a.
5. Keewwata kana keewwata xiqqaa 4 irratti kan tumame akkuma jirutti ta’ee, bal’inni qabiyyeewwaan lafaa walitti makamanii bal’ina lafaa tajaajila yookaan projektii misoomsaa sanaaf istaandaardii irra ta’ee ol ta’uu hinqabu.
6. Waliigalteen bara liizii kan murtaa’u lafti duraa liiziin argamee kan heyyeemameef yeroo itti fayyadame irraa hir’ifamee bara liizii duraanii hafuu fi bara liizii lafa haarawaa gara liiziitti galuu ida’amee lamaaf hirudhaan bu’a gidugaleessaa argamun ta’a.
7. Kaffaltiin liizii waggaa, kaffaltii liizii qabiyyee duraan hafee fi kaffaltii liizii ka’umsaa qabiyyee durii gara liizii haaraatti gale ida’uun waggoottan hafaniif hirunii fi shallaggii dhala baankii ida’uun ta’a.
8. Abban qabiyyee durii, ijaarsa qabiyyee isaa irra jiru bal’ina lafaa istaandaardii irra taa’een kan walsimu yoo ta’e, addaan qooddachuu ni danda’a.

65. Qabiyyeewwan Durii Sirna Liizii Keessa Galuu Hin Qabne.

1. Qabiyyeewwaan durii sirna liizii keessa galuu hinqabne kanneen Dambicha keewwata 11 jalatti tarreeffaman ta’u.
2. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 irratti tumame akkuma jirutti ta’ee, labsichi Nagaarit Gaazexaan maxxanfamee bahuun dura, qabiyyee durii dhaalaan ala qaama sadaffaatti darbee jijjiirraan maqaa osoo hin

rawwatamiin adeemsa irra turan, gaaffiin jijjiirraa maqaa qaama waliigaltee seeraa raawwatu, yookiin mana murtiitti yookiin bulchinisa magaalaatti galmaa'ee osoo hinraawwatamin jiru sirna liizi keessa hingalan.

3. Qabiyyee durii waldaa gamtaa ijaarsa manneeniitiin gaggeeffamee ture dhuunfaa dhuunfaadhaan miseensota waldichaatiif yeroo qoqqoodamu qabiyyeen qoodame sirna liizii keessa hingalu.

Kutaa Kudha Tokko

Magaalota Sirna Liizii Hin Galle Keessatti, Haala Lafti Ramaddii Kiraa Liiziin Itti Kennamu

66. Magaalota Sirna Liizii Keessa Hin Galle

1. Magaalonni naannicha keessatti argaman bu'uura Labsiichaa keewwata 5 keewwata xiqqaa 4 fi Labsii lakk. 179/2005 keewwata xiqqaa 8(27) tiin Ejensiin magaalota sirna liizii keessa hin galle qoratee Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiif dhiyeessuun ni murteessisa.
2. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tuame hanga raawwatamutti hojiiwwan haal-duree armaan gaditti tarreeffaman xiyyeeffannaan hojjatamuu qabu.
   a. Gurmaa'inaa fi ramaddii human namaa xumuruu;
   b. Pilaanii magaalaa yookiin pilaanii bu'uuraa qopheessuu;
   c. Sadarkaa lafaa qopheessanii murteessisuu;
   d. Gatii ka'umsa liizii qopheessuu;
   e. Lafa daangaa magaalicha keessa jiru lakkaa'uu fi galmeessuun raga isaa qindeessanii qabachuu;
   f. Ragaa qabiyyee seeraan alaa galmaa'e xiinxaluun seera qabsiisuu;

g. Qabiyyeewwan durii waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa hin qabne adda baasanii waraqaa raga abbaa qabiyyummaa kennuu;
h. Qonnaan/horsiisee/gamisa horsiisee bulaa seera qabeessa ta'ani daangaa magaalaa keessa jiran bal'ina lafaa isaan qabatan adda baasanii maqaadhaan galmeessuu;
i. Ijaarsa seeraan alaa too'achuu fi seera qabsiisuu;
j. Hojiilee barbaachisoo kanneen biroo lafaa fi qabeenya lafa magaalaa wajjin walqabatan qindeessanii qabachuu qabu.

67. Magaalota Sirna Liizii Keessa Hingalle Keessatti Haala Lafti Ittiin Kennamu

1. Magaalonni sirna liiziitti hin galin keessati lafti magaalaa kan kennamu akkaataa dambiichaa keewwaata 6 keewwata xiqqaa 4-6 jalatti tumaameen ta'ee, raawwiin isaa akkaataa itti aanuun ta'a:
   a. Gatiin ka'umsa caalbaasii tilmaama kiraa lafaa kan waggaan kaffalamaa ture ta'a;
   b. Beeksifni caalbaasichaa lafa ummatni haala salphaan arguu danda'uutti gabatee beeksisaa irratti maxxanfamuu qaba;
   c. Beeksiifni caalbaasii yoo xiqqaate guyyoota hojii kudhaniif banaa ta'ee turuu qaba;
   d. Sanadni caalbaasichaa kan gurguramu yeroo keewwata kana keewwata xiqqaa 1"c" jalatti ibsamen hanga guyyaa kurnaffaa sa'aatii 9 tti ta'a;
   e. Dorgomtoonni caalbaasii sanada guutanii yeroo keewwata kana keewwata xiqqaa1"c" jalatti ibsameen hanga guyyaa kurnaffaa sa'aatii 11:00 tti saanduqa keessa kan galchan ta'e sa'aatuma kanatti saanduqni bakka gareen raawwachiisa caalbaasii fi taajjabdoonni argamanitti ni saamsama;

f. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1”c” hanga”e” tti ibsame akkuma jirutti ta,ee, saanduqni caalbaasii saamsame guyyaa 11ffaa sa’aatii 4:30tti bakka dorgomtoonnii yookiin bakka bu’oonni seeraa isaanii argamanitti kan banamu ta’a;
g. Dorgomtoonni kabachiisa caalbaasii CPO baankiin mirkanaa’e dhiyeessuun kan irraa eegamu ta’ee, hangi qarshii kabachiisa calbaasii bal’inni lafa hanga m21000 qarshii 1500, kan m21001 fi isaa ol ta’ef qarshii 2500 ta’a.
h. Kafaltin kabachiisa caalbaasii magaala manni baankii keessa hin jirreetti raawwatamu, nagahee seera qabeessa dhimma kanaaf qophaa’een Waajjira Galiitiin dorgomtoota irraa kan fuudhamu ta’a;
i. Baay’inni dorgomtoota caalbaasii lafa tokkoof dorgoman marsaa duraa yookiin lammaffaatti dhiyaatan sadii gadi yoo ta’e caalbasichi ni haqama;
j. Keewwata kana keewwata xiqqaa 1(i) jalatti kan ibsame akkuma eegametti ta’ee; caalbaasii lafa tokkoo marsaa sadaffaaf bahe irratti yoo xiqqaate dorgomaan lama dhiyaachuu qabu.
k. Moo’ataa caalbaasii kan ta’u, dorgomtoota caalbaasiif dhiyaatan keessaa gatii kiraa lafaa ol’aanaa waggaa kaaremeetira tokkoof kaffaluuf kan dhiyeesseedha;
l. Lafa tokkoo irratti dorgomtoonni lamaa fi isaa ol ta’an gatii kiraa waggaa walqixa yoo dhiyeessan dursi dubartiif kan kennamu yoo ta’u, dorgomtoonni gatii walqixa kennan hundi isaanii dhiira yookiin dubartii yoo ta’aan mo’ataan carraatiin filatama;

m. Bu’aan caalbaasichaa kan mirkanaa’uu Maneejimentii Ejensii magaalichaatiin ta’ee, caalbaasichi banamee guyyoota sadi kan hin caallee keessatti ta’uu qaba;
n. Mo’ataan caalbaasii waliigaltee akka mallatteessu xalayaadhaan waamichi ni godhamaaf;
o. Moo’ataan yookiin bakka bu’aan isaa, guyyaa xalayaan isa gahe irraa kaasee guyyoota hojii kudhan keessatti Ejensiitti dhiyaatee waliigaltee raawwachuu qaba. Guyyoota kana keessatti dhiyaatee waliigaltee kan hin raawwanne yoo ta’e, fedhii ofiitiin akka dhiisetti fudhatamee maallaqni kabachiisa caalbaasiitiif qabsiise magaalichaaf galii ta’ee caalbaasichi ni haqama;
p. Waliigalteen lafa caalbaasiidhaan darbe irratti taasifamu mirgaa fi dirqama waliigaltee kennaa fi waliigaltee fudhataa kan qabu ta’ee; bu’uura irraa kiraa waggaa, yeroo ijaarsa jalqabuu fi xumuruu kan qabatu ta’a;
q. Mo’ataa caalbaasiitiif waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa sirna kiraatiin kan kennamuu ta’a, lafti harkaan ni gahama, kuusaan barbaachisaa ta’e ni banamaaf;
r. Yeroon jalqabbii fi xumura ijaarsaa akkataa labsii fi dambii keessatti magaalota liiziin bulanuuf tumameen ta’a;
s. Kan keewwata kanaa keewwata xiqqaa 1(i) fi (j) jalatti tumame akkuma jirutti ta’ee, projektota labsicha keewwata 11 keewwata xiqqaa 7 fi 8 jalatti tarreeffaniif lafti lafti caalbaasii addaatiin ni kennama.

68. Magaalota sirna liiziitti hin galle keessatti qabiyyee dabarsuu fi wabummaan qabsiisuu

1. Magaalota sirna liiziitiin hin hammatamne keessatti lafti caalbaasiin yookiin ramaddiin darbe dhaalaa fi murtii mana

murtiitiin ala qabiyyicha qaama sadaffaatti dabarsuun kan dana’amu ijaarsichi %50 fi isaa ol yoo xumurame qofa.

2. Lafa caalbaasiin yookiin ramaddiin kenname duwwaa ijaarsii irratti hin gaggeeffamne wabummaan qabsiisuun yookiin busii kaappitaalaa gochuun fayyadamuun hin danda’amu.
3. Lafa caalbaasii yookiin ramaddiin kenname wabummaan qabsiisuun yookiin akka busii kaappitaalaatti fayyadamuun kan danda’amu hanga gatii tilmaama ijaarsicha raawwatame qofaan ta’a.

Kutaa Kudha Lama
Daangaa Bulchiinsa Magaalaa Daangessuu

69. Daangaa Bulchiinsa Magaalaa

Qabeenya lafa magaalaa addaan baasani beekuun kunuunsuu fi eegumsa barbaachisaa taasisuun misoomaaf oolchuun akka danda’amu, koree daangaa bulchiinsa magaalaa daangessuu fi mallattoo kaa’uu raawwachiisu adeemsa haala armaan gadii hordofuun ta’a.

1. Miseensota koree qaama raawwachiiftu daangaa daangessuu fi mallattoo kaa’uu bulchiinsa magaalaa teessoo Godinaaf, Bulchaa Godinaan yookiin bakka bu’aa isaatiin kan hoogganamu ta’ee, miseensota garee torbaa hanga sagali ni qabaata.
2. Miseensota koree bulchiinsa magaalaa teessoo Aanaa, Bulchaa Aanaa yookiin bakka bu’aa isaatiin kan hoogganamu ta’ee, miseensota koree shanii hanga torbaa ni qabaata.
3. Magaalota biroo teessoo Godinaa yookiin Aanaa hin taane keessatti miseensootni koree Kantiibaa magaalaan kan hoogganamu ta’ee, miseensota koree shanii hanga torbaa ni qabaata.

4. Keewwata kana keewwata xiqqaa ‘1’ hanga ‘3’ tti kan tumamee akkuma eegametti ta’e, daangaan bulchiinsa magaalaa sadarkaa 1ffaa fi 2ffaa (A) hoogganaa Ejensii yookiin bakka bu’aa isaatiin kan hoogganamu ta’ee, miseensota koree torbaa hanga sagali ni qabaata.
5. Keewwata kana keewwata xiqqaa ‘1’ hanga‘4’ tti kan tumamee akkuma eegametti ta’e, koree daangaa bulchiinsa magaalota riifoormii keessa galan biroo, kantiibaa magaalaan kan hoogganamu ta’a. Miseensota koree shanii hanga torbaa ni qabaata.
6. Koree keewwata kana keewwata xiqqaa 1 hanga 5 irratti ibsaman kan gurmaa’an waajjira industirii fi misooma magaalaa, instituuti pilaanii magaalotaa fi maanguddoota beekamoo, waldaalee hawaasaa fi kan biroo kan fakkaatan irraa dhaabbatu ta’a.

70. Aangoo fi Gahee Hojii Koree

1. Koreen aangoo fi gahee hojii kanatti aanu ni qabaata.
   a. Qaama qorannoo daangaa bulchiinsa magaalaa gaggeessu ni moggaasa.
   b. Qorannoo fi raawwii hojiira oolmaa daangaa bulchiinsa magaalaa raawwachiisuf baajetaa fi loojistikii barbaachisu qoratee qaama dhimmi ilaallatuuf dhiyeessee ni murteessiisa.
   c. Haal-dureewwan qorannoo fi raawwii isaa galmaan gahuuf barbaachisan ni mijeessa.
   d. Adeemsa qorannoo fi hojirra oolmaa isaa ni gamaaggama, akkaataa barbaadameen raawwatamuu isaas ni hordofa.
   e. Qorannicha Mana Maree sadarkaa sadarkaan jirutti dhiyeessun ni mirkaneessisa.
   f. Hojiin daangessuu fi mallattoo kaa’uu akkaataa mirkanaa’een raawwatamuu isaa ni hordofa, ni

mirkaneessa, sanada barreeffamaatiin walharkaa ni fuusisa.

2. Koree raawwachiftuu daangaa sadarkaa naannootti hundaa'u, daangaa bulchiinsa magaalaa murteessuuf sochii taasifamu akka naannootti ni qajeelcha, hordooffii fi deeggarsa ni taasisa, qorannoo fi murtee bulchiinsa daangaa bulchiinsa magaalaa ilaalchisee komiin yoo dhiyaate dhimmichi mana maree sadarkaa sadarkaan jiruuf dhiyaate osoo hin mirkanaa'in dura xinxalee tarkaaffii barbaachisaa ni fudhata. Kan Murtii Mana Maree Naannoo barbaadan dhiyeesse ni murteessisa.

71. Qorannoo Daangaa Bulchiinsa Magaalaa gaggeessuu.

1. Daangaan bulchiinsa magaalaa mirkanaa'uun dura qorannoo hojii daangessuu fi mallattoo kaa'uu daangaa bulchiinsa magaalaa gaggeffamuu qaba.
2. Koreen qorannoo kanaa hanga danda'ameetti ogeessota hojichaaf barbaachiisu kan hammatu ta'uu qaba.
3. Qorannoon daangaa daangessuu hirmaannaa guutuu hawaasaa fi qooda fudhattootaan raawwatamuu qaba.
4. Qorannoon daangaa bulchiinsa magaalaa walitti hidhamiinsa magaalichaa fi gandoota naannawa ollaa, haala qabatamaa magaalichaa amma jiru fi guddina misooma gara fuuladuraa yaada keessa kan galche, akkasumas, sarara daangaa kaartaan deeggaramee, bakka mallattoon barbaachisaa itti argamuu fi mallattoo daangaa kaa'ame kan agarsiisu ta'uu qaba.
5. Qorannoon guyyaa eegalame irraa kaasee yeroo ji'a 6 hin caalle keessatti xumuramuu qaba.
6. Qorannoon magaalaa teessoo bulchiinsa godinaa Mana Maree Naannoof dhiyaatee kan mirkanaa'u ta'a.

7. Qorannoon bulchiinsa magaalata teessoo bulchiinsa aanaa ta’ee fi magaalota riifoormii keessa galanii Mana Mare Magaalaaf yookiin kan Mana Mare magaalaa hin qabne yoo ta’ee, Mana Maree Aanaaf dhiyaatee kan mirkanaa’u ta’a.
8. Qorannoon bulchiinsa magaalota biroo mana maree Aanaatiif dhiyaatee kan murkanaa’u ta’a.

72. Mallattoo Daangaa Bulchiinsa Magaalaa Agarsiisuu

1. Qorannoon daangaa daangessu fi mallattoo kaa’uu daangaa bulchiinsa magaalotaa akkaataa qajeelfama kana keewwata 71 jalatti tumameen Mana Maree dhimmichi ilaallatuuf sadarkaa sadarkaan dhiyaate guyyaa mirkanaa’ee irraa kaasee hanga ji’a jahaatti (6) lafa irratti agarsiiftuun daangaa kaa’amuu qaba.
2. Agarsiiftuun daangaa bulchiinsa magaalaa laga, tulluu,… kan kana fakkaatan fayyadamuun kan danda’amu ta’ee, bakka kun hin jirretti mallattoo nam-tolchee dhaabbii bal’ina 50 x 50cm kan ta’e dhakaa yookiin koonkiriitiin kan qophaa’u ta’ee odeeffannoo koo’ordineetii fi safartuu ol ka’iinsa lafaa ni qabaata.
3. Bulchiinsi magaalichaa mallattoo dhaabbii akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti tumameen dhaabbate eegumsa babaachiisa gochuufi qaba.

Kutaa Kudha Sadii
Tumaalee Adda Addaa

73. Lafti pirojektota mana jireenyaa fi misooma adda addaatiif kanaan dura eeyyamamee waliigalteen irratti hin raawwatin murtee duraan lafti ittiin kennamee fi seerota yeroo sanaa irratti hundaa'ee waliigaltee akka seenan ni taasifama.

74. Seeroon Raawwatiinsa Hin Qabaanne.

1. Qajeelfamni lakkoofsa 9/2005 haqamee jira.
2. Barmaatiileen hojii qajeelfama kanaan wal faallessan kam iyyuu raawwatiinsa hin qabaatan.

75. Guyyaa Qajeelfamnii Kun Hojii Irra Oolu.

Qajeelfamni kun guyyaa 04/02/2007 irraa eegalee hojii irra kan oolu ta'a.

Eebbisaa Dinqaa

H/G/Olaanaa Ejensii Misooma fi Manejimentii Lafa Magaalaa Oromiyaa